# Iddoo Waaqayyoon Waaqessuuf Murtaa’e

Los Angeles, California USA
65-0425

1 Mee yeroo xiqqoof mataa keenya gadi haa qabannu. Jaallatamaa Abbaa keenya isa waaqa irraa, nuyi har'a as magaalaa Loosaanjelesitti argamuun keenya carraa guddaa ta'uu isaa in amanna, isaan kana keessaa, amantoonni warri… isaan fo'amanii biyya lafaa keessaa waamaman, warri Waaqayyoof adda ba'an, yeroo guddaa amma keessa jiraachaa jirru kanatti, gooftaa keenya Yesuus isa jaallatamaa yeroo kamittuu akka mul'atuuf cimsinii eeggachaa jiru. Dhaloota nuyi keessa jirrutti inni waan dhufuuf, laphee keenya irraa fudhannee si galateeffanna. Nuyi har'a isa eeggachaa jirra. Inni har'a yoo as hin jiru ta'es, bor nuyi asuma jirra, boris isa barbaaddachuudhaaf asuma jirra.

Yaa Waaqayyo jaallatama, wal ga'iin keenya har'aa kun kan addaa akka ta'uuf si kadhanna, yeroo itti galmeen fooyya'iinsa Waldaa itti ta'u nuuf haa ta'u, innis immoo galmee kee isa bara baraa irratti nuuf haa caafamu. Dadhabbiin wal'aansoo keenyaa hundumaa ija akka godhatuuf nuuf eebbisi, yaa Abbaa. Yoo ati nuu wajjin taate malee nuyi dadhabaa ta'uu keenya in beekna, kanaaf si argachuun keenya dirqama, Gooftaa, inni yoo nu dandeessise nuyi itti fufna. Isa kana immoo ulfina keenyaaf utuu hin ta'in ulfina keetiif barbaanna. Nuyi fedhiin laphee keenyaa, Yesuus saba isaa keessatti ulfeeffamuu isaa arguu dha. Amantii warra kanaa cimsuudhaaf, yaa Gaooftaa, guyyaa lolli itti hammaate kana keessa iddootti deebi'uun nu gidduu akka jiraatuuf dhufneerra, akkasumas deebifnee ijaaruuf, haaromsuuf dhufneerra. Isa kana hundumaa akka nuuf raawwattuuf si kadhanna, maqaa Yesuusiin si gaafannaa. Ameen. (Taa'aa.)

2 Obboleessa koo Shakariyaan, obboleettii koo Wiyaati fi firoottan Gooftaa keenya Yesuus Kristoos warri taatan, ani dhugaadhumatti carraa argadhee, as Loosaangelesitti Yesuus isa ulfina qabeessa hundumti keenya caalmaadhumatti waa'ee isaa har'a barachuuf walitti qabamne lallabuuf deebi'ee asitti argamuu koof nan dinqisiifadha. Yoo dadhabbiin keenya…

[Namni ta'e tokko obboleessa keenya Branhaamitti haasa'aa jira, waa'ee guddistuu sagalee ilaalchisee.] Eeyyee obboo. [Teeppii irra iddoo duwwaatu jira]…akka kana. Inni kun dhimma baay'ee wal xaxaa ta'eedha. Nan jedha, wanti kun wal ta'iinsa hin jaallatu. [Namoonni kaan guddistuun sagalee akkamitti akka sirreeffamu yaada kennaa jiru.] Gaariidha, akka kanatti waan hojjetu hin fakkaatu. [Teeppii irra iddoo duwwaatu jira] …Obboleessa koo Shakariyaan. Amma xiqqoo in dhageessisa.

Ani waan xiqqoo wayii, sagalee xiqqoo wayii, garuu ergaa guddaa of keessaa qabun Gooftaa biraa argadhe. Akka inni nu bira hin geenye gochuuf, mormii baay'eetu Seexana irraa nu quunnama, garuu kanas ta'u sanas as geenyeerra. Inni kun torban guddaa hunduma keenyaaf akka ta'u in amanna.

3 Bakka sana taa'ee, obboleessi keenya jaallatamaan dhi'eenya kana boqote, Toomaas Wiyaati, yeroo meeqa waltajjii kanarra dhaabatee dubbachaa akka ture yaadaan ture, shakkii hin qabu, inni garbicha Kristoos isa jabaa dha.

Obboleessa keenya Wiyaati nan beeka. Inni yeroon isa argee isaa wajjin haasa'u hundumaatti kaka'umsa guddaa naaf ta'a ture. Nan yaadadha, akkuma lallabaa dargaggeessaa, inni yeroo hundumaa…Kitaaba isaa isa, Kooluwwan fayyinaa jedhu. Mata duree sana nan jaalladha, Kooluwwan fayyinaa.

Mana qulqullummaa isa Kristoosiin akka itti tajaajilluuf nuuf kenname kana keessaatti argamuu keenyaaf guddisnee in gammadna. Waaqayyo haadha manaa Wiyaatiin haa eebbisu, akkasumas namoonni hunduu warri… dhugaadha, isinis akka isa dhabdan nan beeka. Ani tajaajila isaa dhabeera. Boqochuu isaa yeroon dhaga'etti, sagalee isaatu keessa kootti dhaga'ame. Umuriin isaa xiqqoo deemeera, garuu sagaleen isaa jabaa sanaan ergaa Waaqayyoon biraa fuudhee nuun ga'aa ture. Kanaaf jireenyi isaa ammayyuu as saba kana keessa jiraata. Akkasumas ergama dirree bakka inni jaallewwan kanaa fi kanneen biroo ergetti, Waangeelli sababa Toomaas Wiyaatiif adeemsifamaa jira. Lubbuun isaa nagaan haa boqottu, hamma yeroo nuyi Lafa Ulfina

qabeettii sana, bakka du'ii fi dullumni hin jirre sanatti isa arginutti. Nuyi amma guyyaan waamicha keenyaa ga'utti itti fufsiisuuf as jirra, yookiin hamma du'aa ka'umasa guddicha waliigalaa, isa Yesuus hunduma keenya fudhatuutti.

4 Amma tajaajila asii akka qabdan nan beeka. Innis galgala kana jedheen yaada. Galgala kana tajaajila akka qabdan yeroo muraasaan dura natti himameera, kanaaf hamma ariifachuun narra jirutti ariifachuufan yaala.

Sababiin isaa Wiixata galgala, Kibxata galgala, Roobii galgalaa fi kanneen hafan waanan qabuuf, Gooftaan nu eebbisa jedheen isa amanadha. Namoota dhukkubsataniif in kandhanna. Yoo inni fedhe, yoo fedha isaa ta'e, yoo humna du'aa ka'uu isaa hundumaan inni akka goonuuf nuuf eyyame, Kristoosiin lallabuuf deemna. Waan inni akka goonuuf nutti kennu kam iyyuu, garaa keenya guutuudhaan gochuu qabna. Yoo nuyi dhugaadhumatti isa amanne, akka inni nu eebbisu nan beeka.

5 Amma sagalalicha bannee dubbisuun dura, ammas isaa wajjin dudubbachuun barbaada, mataa keenya gadi qabannee, cal haa jennu, wanti dalga namatti galu hunduu xumuramuu isaa amanudhaan. Isa diinni, diinni keenya gama hundumaan nurratti hojjetu in beekna, Kristaanonni hunduu isa in beekna. Garuu, hubadhaa, yeroo wantoonni akkasii ta'anitti, cal'isaatii ilaalaa. Waaqayyo waa'ee isaa hundumaa beeka. Amma iyyuu taa'aatii ilaalaa, tarii inni wanti isin waa'ee isaa hin beekne godhaa jira ta'aatii amma. Mee isatti haa dudubbannu.

Yaa Abbaa, nuyi amma galaanicha gab akka gootuuf si kadhanna, Gooftaan hundumaa olii Yesuus dhufee sagalee isaa irra haa deemu, karaa haaraa ta'een humna isaa fi mul'achuu isaa nu haa barsiisuu. Isa kana si gaafanna, akkuma sagalee isaa dubbifnutti, har'a dammaqina onnee keenyaatiif haa ta'u, kunis humna du'aa ka'uu isaatiin isa akka barruuf. Maqaa Yesuusiin si gaafannaa. Ameen.

6 Amma Macaafa Seera Keessa Deebii baafadhaa. Seera Keessa Deebii boqonnaa 16 lakkoofsa tokko, yookiin lama irraa kaaseen dubbusa.

Ati ji'a Abiib (ji'a Eblaa) yaadadhu! Waaqayyo gooftaan kee ji'a Abiibitti (Eblaatti) halkaniin biyya Gibxii keessaa waan si baaseef ayyaana Faasikaa Waaqayyo gooftaa keetiif ayyaanessi!

Iddoo Waaqayyo maqaan isaa akka itti waamamuuf fo'atu sanatti, ati bushaayee keessaa yookiis saawwan keessaa aarsaa Faasikaa Waaqayyo gooftaa keetiif dhi'eessi!

Isas buddeena bukaa'aa wajjin hin nyaatin! Ati ariitiidhaan biyya Gibxii keessaa waan baateef, guutummaa bara jireenya keettis guyyaa itti biyya Gibxi keessaa baate sana akka yaadattuuf guyyaa torba maxinoo wajjin nyaadhu! Innis buddeena rakkinaati.

Guyyoota Torban sana raacitiin tokko illee guutummaa biyya keetii keessatti hin argamin! Foon ati guyyaa duraa galgala aarsaa dhi'eessite irraas guutummaa halkan sanaa irraa hafee hamma ganamaatti hin turin!

Aarsaa Faasikaa, mandaroota Waaqayyo gooftaan kee siif kennu keessaa tokko keessatti iyyuu hin dhi'eessin!

Iddoo Waaqayyo gooftaan kee maqaan isaa akka itti waamamuuf fo'atu sanatti garuu, aarsaa Faasikaa sana, galgala yeroo aduun lixxu, yeroo itti biyya Gibxii baatetti dhi'eessi!

7 [Daa'imni tokko iyya guddistuu sagalee na'ee, boo'aa jira.] Ammas rakkootu nu mudate fakkaata. Nan amana ani iyyuu guddistuu sagalee sana caalmaatti ol fuudhee nan dubbadha. Hubadhaa, argitanii?

Barreeffamni ani waaree kana booda isiinii wajjin ilaallu baay'ee keessummaa kan ta'ee dha. Innis: Iddoo Waaqayyoon Waaqessuuf Murtaa'e, kan jedhuudha.

Egaa, inni kun waan hin amaleeffatamneedha. Garuu, akkuma kanaan dura yeroo baay'ee dubbanne, Waaqayyo amaloota hin amaleeffamne, iddoo hin amaleeffatamne, waantoota hin amaleeffatamne keessa jiraata, sababiin isaa inni kan hin amaleeffatamne dha. Yeroo hundumaa warri isatti amanan waan baramaa hin ta'in godhu. Amaleeffatamaa ta'uu dhiisuu isaa kan ibsu waantoota baay'ee, baay'ee ta'an tarreessuu dandeenya. Garuu warri isa beekan hunduu kan hin amaleeffatamne ta'uu isaa, waan hin amaleeffatame yeroo hin beekametti gochuu isaa akka beekan nan beeka. Kanaaf har'a Waaqayyo isaan kana akka nuuf eebbisuuf, sagalee dubbifanne kanaa fi barreeffama qophaa'e kana akka nuuf eebbisu in amanna.

Amma, akkan yaadutti wanti rakkoo keenyaaf asitti sababa ta'ee ture, isaan waraabduu sagalee kana kutanii, sagaleen guddistuu sagalee keessa utuu hin seenin akka hafu godhan. Yoo hin suphan ta'es, akkuma isaatti na dhaggeeffadhaa. Waaqayyo akka dhageenyuuf gurra keenya in supha.

8 Sababiin ani barreeffama kana irratti dudubbachuu barbaaduuf, akkasumas yeroo itti godhamuu qabu waan ta'eef, gara walga'ii Hojjettoota Guutuu Wangeelaatti kan ta'eef, sababii Waldaleen Kristaanaa hunduu, yookiis baay'een isaanii garee kana keessaatti bakka waan bu'aniif, hundi isaanii iyyuu gareelee amantii adda addaati.

Yeroo baay'ee namoota daandii irratti, karaa konkolaataa irratti, xiyyaara irratti, baaburaa fi konolaataa keessatti yeroon argu, “Ati Kristaanaa?” jedheen gaafadha.

Isaan keessaa tokko, “Gaariisha, ani Metedistii dha. Ani Baaptistii dha. Ani Pireesbaayiteriyaanii dha. Ani Luuteraanii dha. Pheenxeqoosxee,” naan jedha, yookiin waanuma kana fakkaatu. Kanaaf hundi isaanii… [Guddiftuu sagaleetu iyyaa jira.]

9 Hundumtuu garee amantii bakka bu'uu fedhu argateera. Garee amantiitiin bakka bu'uun guutummaatti gaariidha, garuu amma iyyuu qaamni gadheen isaa, isa tokkoon tokkoon isaanii garee isaaniitu mootumaa Waaqayyoo dhaala jedhanii yaadanii dha. Akka yaada isaaniitti, Waaqayyo kan ittiin bakka bu'u cittuu garee isaanii qofaadhaani. Waaree kana booda isa kana gadi teessifna jedheen yaada. [Amantoonni harka walitti rukutan.] Tarii isa kanaaf seexanni guddistuu sagalee kana nu jalaa qaba ta'a. Nii beektu, wanti namni hojjetu hunduu dogoggora hin dhabu, garuu wanti Waaqayyo hojjetu hunduu dogoggora hin qabu. Kanaaf isa hojjechuuf yeroo gaarii fi bakka gaarii qabaadhaatii, Waaqayyo isa kana ayyaana isaatiin waan nu gargaaruuf, isa kana dubbachuu hamma dandeettii keenyaatti in yaalla.

10 Amma egaa, barreeffamni kun Seera Keessa Deebii keessaa ba'e. Akkan hubadhutti Seerri Keessa Deebii…akkan caaffata qulqullaa'aa fi waan biraa irraa argadhetti akka kanatti aanee jirutti caafeera.

Waa daddafeen yaadadhan ture, garuu waggaa digdamii shan booda, yeroo lammaffaaf guutummaa isaa yaadachuuf xiqqoo natti jabaata. Kanaaf, gara kutaa manaa deemeen kadhadha. Innis immoo kutaa Macaafa Qulqulluu keessaa naaf kenna, yeroo sanatti babarreesseen yaadanoo yeroo sanaa wajjin adeemsisuudhaan yaada sammuu kootii isa inni naaf kennee wajjin adeemsisa.

11 Seerri Keessa Deebii afaan Griikiitiin Deuteronomy ken jedhu yoo ta'u, hiikaan isaas “Seerota lama” jechuudha. Waaqayyos seerota lama qaba.

Isaan keessaa inni tokko seera du'aa yoo ta'u. Innis warra sagalee isaatiif hin abboomamneef kan kennamee dha. Yeroo Hewaan sagalee isaatiis abboomamuu diddetti, inni kun du'a fiduu isaa argina. Seerota isaa keessaa tokko, “Guyyaa isa irraa nyaattetti, guyyuma sana in duuta.” Kan jedhu ture.

Yeroo sanatti seerri kan biraas jira ture, innis kan isaaf abboomamuuf kan ta'u seera Jireenyaati, innis yoo waan akkasii hin gootu ta'e kan jedhu ture. Maaliif, sagalee isaa eeguu keessaniin in jiraattu.

Akka yaada kootiitti, gara waan lamaattan gadi gabaabsa, innis sagalee isaa eeguu, yookiin sagalee isaatiif abboomamuu dhiisuu.

Seerota kana keessaa inni tokko tulluu Siinaa irratti kenname. Inni kaan immoo…Innis immoo seera du'aa ti. Seerri inni kan biraan immoo tulluu Lafee Mataa irratti kenname, bakka seerri jireenyaa Yesuus Kristoosiin kennametti.

Akkasumas inni kakuu lama qaba.

12 Nama jalqabaa isa ta'e Addaamii wajjin inni kakuu qaba ture. Kakuun sunis haala, “Yoo kanaa fi sana goote, ani immoo kanaa fi sana siifan godha” jedhuun kan daangeffame ture. Addaam kakuu kana jiraataa godhee Waaqayyoon duratti eeguuf, waan gochuun isa irraa eegamutu jira ture. Daandii Waaqayyoo irra deemuutu isa irra ture, sagalee isaa hundumaa, tokko illee utuu hin cabsin eeguutu isa irra ture.

Amma immoo kakuu kan biraa gale, innis Abrahaamii wajjin isa inni galee dha. Kakuun inni kun haalota irratti kan hundaa'e utuu hin ta'in kan daangeffamee dha. Kakuun waaqayyo Abrahaamiif gale guutummaadhumatti, kan wanti harkifamu itti hin hidhamneedha. Kan hin daangeffamne! “Sichin siif godha” hin jenne, “Siif godheera! Durumaan siif raawwadheera” kan jedhu ture malee.

Innis immoo seera Kristaanonni ittiin buluu qabanii dha. Innis waan ofii keenyaan goonuun utuu hin ta'in waan inni nuuf godheen ta'uu qaba. Kristoos aarsaa ta'ee nuuf wareegameera. “Sichi nuuf ta'a” miti. Inni raawwateera! Inni kun waan xumuramee dha. Inni jiraatee, du'ee, du'aa ka'ee, gara waaqaatti ol fudhatamee, bifa Hafuura Qulqulluutiin deebi'ee dhufeera. Kanaaf, inni kun hojii Waaqayyoon xumurameedha. Kristoos utuu cubbuu hin beekin, anaaf jedhee cubbamaa ta'e; bakka isaa isan dhaabachuuf ture, inni anaaf dhaabate. Yeroo inni bakka Lafee Mataatti du'e, ani isa keessan ture. Jiraachuuf, achitti isaa wajjin du'uun koo dirqama. Sababii seerri cubbuu fi du'aa foon keessa jiruuf, isatti araaramuudhaaf du'uutu isin irra jira.

13 Amma garuu jechoota itti fayyadamnu kana hundumaa arganneerra, barreefama gurguddaa isa hundumti keenya ittiin wal barre sana, akkasumas kutaa Macaafa Qulqulluu keessaas waa baay'ee fudhanneerra. Garuu, waaree booda kana, nuyi isa kanaa wajjin wal quunnamneerra, innis immoo akka isaan jedhan kana utuu hin ta'in, akka Tiyooriin keenya garaa garaa jedhu utuu hin ta'in, amma iyyuu bakki inni itti isin arguu danda'u bakka tokko duwaatu jira isiniin jechaa jira. Warra Yihudziimii qabna, warra Mohaammadaaniiziimii qabna, warra… Barsiisa gosa hundumaa fi garee amantii, Waldaa Kristaanaa fi kanneen hafanis qabna, garuu amma iyyuu Waaqayyoo iddoo tokko qofaattan isan arga isiniin jechaa jira. Iddoon sun huduu, tokkoon tokkoon isaanii, “Inni Waldaa keenya keessatti nama arga. Yoo miseensa Waldaa keenya hin taatu ta'e, inni si hin argu. Achitti si hin argu waan ta'eef, garee keenyatti makami. Yookiin, iddoo biraa kamitti iyyuu akka kan keenyaa caalmaatti si hin argu” namaan jedhu.

14 Egaa asitti kan arginu inni iddoo tokko qaba, iddoo tokko qofa qaba. “Iddoo Waaqayyo Gooftaan kee maqaan isaa akka itti waamamuuf fo'atu sanatti aarsaa dhi'eessi!” Amma egaa inni bakka ijoolleen Waaqessan isa itti argan fo'atee argateera, kanaaf iddoo tokkittii sana malee bakki itti aarsaa dhi'eessan kan biraan hin jiru. Iddoon kan biraa kami iyyuu hin hojjetu. Inni isaan arguuf iddoo murtooftuu tokko duwwaa qaba. Iddoo inni itti warra isa waaqessan argu, iddoo tokko qofaa dha.

Egaa, erga inni kun dhugaa ta'ee, iddoo sana of eeggannoo cimaadhaan barbaaduutu nurra jira. Akkan yaadutti nuyi namoota du'aa jiran, warra dorgommii du'aa keessa jiran, bara du'aa keessa warra jiran, saba du'aa jiru keessa warra jiranii fi taappeellaan du'aa warra laxxafameef ta'uu keenya beekuun barbaachisaa dha.

15 Biyyi lafaa kun yeroo dhi'ootti in barbadoofti. Yeroo xiqqootu ishee hafe. Cubbuun baay'ateera. Abdiidhaan ala ta'eera. Biyya lafaa kanaaf abdiin hin jiru. Yeroon isheetti darbeera.

Nan amana, yerochi waan ga'eef Hafuurri Qulqulluun bakkee keessaa, nama kanaa fi nama sana funaanaa jira. Wangeelli saba hundumaatti lallabameera. Maxxantuun “Iiziimii” fi wantoonni biroon isatti maxxananis Wangeelli haala wal fakkaatuun adeemeera.

Egaa amma, bara dhumaatti wantoonti akkuma duraan jiranitti waan itti fufaniif, warra Waaqayyoof fo'atamaniif karaa sirrii akka barbaadaniif of eeggachiisa guddaatu jira. Isa kana beekuutu nurraa eegama. Tiyoorii namni qopheessu utuu hin ta'in dhugaa beekuu dha, dhugaan immoo isa Macaafni Qulqulluun jedhuudha. Sababiin isaa tarii guyyichatti baay'ee kan nutty barfate ta'uu waan danda'uuf, kottaa mee dhugaadhumatti yaada keenya waan Waaqayyo jedhu irra in kee'anna.

16 Yaadadhaa, Waaqayyo jecha tokko dubbatee, isa dubbatetti gonkumaa gaabbee hin beeku. Inni yeroo hundumaa akkuma jedhetti in raawwata. Inni gonkumaa waa dubbatee booda immoo, “Gaaridha egaa, ani waan sana sirriitti hin jenne” hin jedhu. Hubadhaa, inni kan dhuma hin qabnee dha. Inni jalqabumatti waan hundumaa beeka. Wanti nuyi yaadnu hunduu guutuu mudaa kan hin qabneedha jennee yaadna, yeroo booda immoo isa jenne in mamna. Garuu Waaqayyo isa kana hin godhu, Waaqayyo isa jedhe inuma raawwata. Kanaaf inni isa dhuma hin qabne waan ta'eef, isa jedhe hin mamu. Sababiin isaa inni sagalee isaa hundumaan guutuu dha. Kan bara baraa hin ta'u taanaan, inni jecha tokko illee afaan isaatii hin baafatu. Isaan bara baraan jiraatan hunduu, yaadonni isaa, qaamonni isaa, isaa wajjin kan turanii fi isaanis akkuma biyya lafaa yeroo kanaatti of ibsuu duwwaa dha.

17 Egaa amma, yaadadhaa, inni iddoo qopheesseera, iddoo ijoollee isatti amanan itti quunnamu iddoo tokko qofa qopheesseera. Iddoo kan biraa kam iyyuu fudhatama hin qabu.

Yaadadhaa, Yesuus yeroo biyya lafaa kana irra turetti dubbateera, gurmuu namootaa warra baay'ee nama amantii ta'anitti, isaan baay'ee gaggaarii ta'anitti, warra tasgabba'ootti, warra kaka'umsa amantii qabanitti, warra nama Waaqayyoo ta'anitti Yesuus, “Ana Waaqessuun keessan akkasumaan, abboommi namaa akka seera Waaqayyooti barsiiftu” isaaniin jedhe. Yaadadhaa namoonni kun har'as ta'e yeroo sanatti, nu caalaatti hammam amantii isaaniitiif quuqama akka qabanii fi hammam nama Waaqayyoo akka isaan ta'an. Baay'ee nu caalu! Yeroo barsiifata, seeraa fi waan kana fakkaatan eeguun dhufuetti isaan isa kanaan jiraachuu jalqaban. Isaan Waaqayyoon kan ulfeessanii fi Waaqayyotti kan amanan turan. Garuu Yesuus, Waaqayyo inni foon uffatee nu gidduu buufate, “Isin akkasumaan ana waaqessitu” isaaniin jedhe. Egaa, inni ana hin waaqessitan isaaniin hin jenne, isaan isa waaqessu turan, garuu akkasumaani.

Kanaaf wanti akkasumaan ta'e tokko gatii kan hin qabne, faayidaa kan hin qabnee fi waan gaarii hin taane tokko dha. Raawwattanii isa kana gochuu hin qabdan, sababiin isaa akkasumaan yeroo keessan gubaa jirtu waan ta'eef. Human keessan fixaa jirtu, akkasumaan dadhabaa jirtu, hamma nuyi waan hojjechaa jirru baruu dandeenyutti.

18 Dhugaadhumatti, erga Waaqayyo mudaa kan hin qabne ta'uu nama irraa eega ta'ee, akkuma Yesuus, “Abbaan keessan inni Waaqa irraa mudaa malee akkuma ta'e, isinis warra mudaa hin qabne ta'aa” jedhee, qophiin wayii iddoo ta'e tokko jira jechuu dha. Inni, “Iddoo namoonni itti ana waaqessan nan filadha. Iddoo ani ofii kootii filadhetti malee, eenyuun iyyuu hin argu” jedheera. Egaa iddoon sun argamuuf waan jedhuuf, bakki isaa eessa akka ta'e barbaaduutu nurraa eegama. Iddoon isaa eessa akka ta'e barbaadaatii, achi dhaqaa. Bakk sana akkuma arganneen, ariifannee waan hundumaa dhiifnee iddoo sanatti galagaluutu nurraa eegama jedheen yaada.

Amma yaadadhaa, Yesuus caaffatuma kana keessatti kan inni jedhe. Yeroo sanatti seerri muka abbaa isaanii kan waa'ee baasu miti. Isa kanaan raawwannee gowwomfamuun nurra hin jiru. Dhufee waaqeffannaa keenya simachuuf iddoon inni nuuf qopheesse, iddoon ta'e tokko jiraachuu qaba. Amma hubadhaa, iddoo inni nuuf fo'ateen ala hammam amanamaa taatan iyyuu, hammam akiraarii yoo taatan illee, isin ammayyuu akkasumaan isa waaqessaa jirtu.

Inni kun yaada gadheedha nan beeka. Garuu, ijaarsi xumuramuuf waan jiruuf isa raasuun nurraa hin barbaachisu. Mee Wangeelaa wajjin wal haa qabsiifnu, yeroo namoonni karaa irratti nu quunnaman nuyi Kristaana jennee deebii akka laannuuf.

Barri kun isa isaan, “Oo, inni kun isa kana. Isaan kun utuu akkas godhanii, utuu sana godhanii argineerra” jedhaniidha. Dhugaadhumatti isaan kun hunduu ta'aniiru. Garuu iddoon Waaqayyo qofti qopheesse, bakki inni warra isa waqessan itti quunnamu qophaa'eera.

19 Hubadhaa lakkoofsa 2ffaa irratti, “Iddoo ani fo'adhu sanatti na waaqessaa” in jedha. Maal filate? Iddoo inni filate kan agarsiisu, inni bakka ofii isaatii filate kan sabni hunduu itti isa waaqessan qaba jechuu dha. Iddowwan warri biraa akkasumaani. “Iddoodhuma kanatti,” inni akkas jedhe, “Akkasumas Iddoo sanatti maqaan koo akka itti waamamuuf fo'adheera. Egaa Iddoon kun iddoo inni itti waaqeffamu dha.”

Amma egaa, inni kun kan agarsiisu iddoon tokko akka jiruudha, dhugaadhumatti iddoon tokko. Innis immoo filannoo keenyaan utuu hin ta'in isa Waaqayyo filate ta'uu qaba. Nuyi isa kana fiduuf filannoo hin qabnu, Waaqayyo durumaan filateera waan ta'eef. Egaa wanti Waaqayyo filu yoomiyyuu sirrii dha. Ani dogoggoraan filachuun danda'a, isinis akkasuma, Waaqayyo garuu akkas miti. Inni dogoggora malee fila. Waan hundumaa keessaa inni Waaqeffamu isa qofaa dha. Inni Iddoo itti warra isa Waaqessan quunnamu waan qoheesseef, nuyi bakka sanatti isa arguu qabna. Iddoon inni jiraatu bakka sana qofa. Iddoon inni isin dhaga'u bakka sana qofa.

20 Mee isa kanas haa hubannu, “Iddoon akka na Waaqessaniif filadhu sanatti, maqaa koo nan kaa'a.”

Oo, mee egaa amma caaffata qulqulla'aa keessa iddoo maqaan isaa itti waamamu barbaaduu haa jalqabnu. Egaa Macaafa Qulqulluu hundumaa keessatti iddoon garaa garaa inni itti namoota quunnamu hunduu gaaddidduu dha malee bakka inni yeroo ammaa itti saba isaa quunnamu miti. Sababiin isaa isaan kun gaaddidduu waan ta'uuf jiru tokkoo; iddoo isa dhugaa lafa sabni isaa isa itti argan, Waldaa isaa isa inni keessatti isaan arguuf jiruu sanaa waan ta'eefi. Kanaaf Iddochi jira, Waldaan Kristaanaa inni

Waaqayyo kadhannaa saba isaa yoo isaan dhufanii keessatti kadhatan isaaniif deebisu jira. Inni saba isaa iddoo sana keessatti malee bakka biraatti isaan hin quunnamu.

Egaa baay'een isaanii iddoo isa maqaa Waaqyyoo qabu sana qabna warra jedhen in argina. Garuu hubadhaa isaan Maqaa Waaqayyoo iddoo sana irra kaa'aniiru. Waaqayyo maqaan isaa iddoo sanatti akka waamamu gochuu fi namni kan biraa maqaan Waaqayyoo iddoo sanatti akka waamamu gochuu gidduu garaa garummaa guddaatu jira. Argitanii? Waaqayyo qofaan isa kan gochuu akka danda'u beekuun dirqama ta'a. “Ani maqaan koo akka itti waamamu godheera. Iddoo kanatti maqaan koo akka waamamu nan godha. Inni immoo iddoo isa sabni koo akka itti na waaqessaniif filadheedha. Sichittis isaan achumatti na waaqessu.”

21 Inni kun egaa gaadidduu isa yeroo Yesuus mul'achuuf jedhuu nutty agarsiisa, egaa Kristoos mul'achuuf ta'uu isaa nutti agarsiisa. Wantootni Kakuu Moofaa keessaa hundinuu Gaaddidduu Yesuusiiti. Gibxii keessatti yeroo namoota du'a irraa oolchuu Hoolaan Faasikaa qalamutti, wanti nuyi hubannu Waaqayyo iddoo tokko qaba, haala tokko qaba. Hammam ijoollee taatus, luba dulloome taatus, angafa lubootaa taatus, name kamiin yoo taate iyyuu iddoo murtooftuu kana keessa turuun dirqama ture. Namoonni iddoo murtaa'e sanaa ala ba'e hunduu in balleeffama. Iddoo inni isiiniif qopheesse tokkittii sana keessa turuun keessan dirqama.

Amma egaa galgala kana inni kun akkamittiin gaadidduu Kristoos akka ta'e, yeroo bal'aa fudhannee irra deebinee in ilaalla. Hoolaan aarsaaf ta'u, akkamitti akka itti fufu, korbeessa mudaa hin qabne isa ta'ee fi akkamitti abbootiidhaan qalamuu akka qabu, akkasumas dhiigni dhangala'e sun akkamitti balbaltti dibamuu akka qabu, isaan kun hunduu gaadidduu dhufaatii Kristoos kan bakka bu'anii dha. Egaa iddoon Waaqayyo warra isatti sagadan arguu dhufu iddoo dhiigni dhanga'e kanatti, yeroo ergamaan du'aa biyya sana keessa darbutti.

22 Biyya Gibxii keessaa baanee lafa abdachiifane sanatti guyyaa tokko galuu qophoofneerra jedheen amana. Yeroon iddoo sana itti argachuu qabnu amma, “Ani Presbaayiteeriyaaniidha. Ani Metedistii dha. Ani baaptistiidha. Ani kana. Ani sana. Ani kan biroo dha” jennee didichuu dhiifnee iddoo sana barbaaddachuutu nurra jira. Isa kana keessaa ba'aatii iddochi eessa akka ta'e barbaadaa, sababiin isaa duuti bakka inni filate sana hundumaa marsee waan jiruuf. Duuti biyya lafaa kana dhugumaan rukutuuf jira, yoo nuyi bakka inni filatetti hin argamnu ta'e. Iddoo inni filatutti garuu duuti hin dhufu.

Yoo hubattaniittu ta'e, iddoo hoolaan aarsaa sun jirutti duuti mana isaanii dhaqeera. Duuti mana kana dhufeera, sababiin isaa Hoolaan du'eera. Duuti durumaan dhufeera. Iddoo duuti qaqqabe hundumaatti Waaqayyo iddoon isaa achi akka ta'e waadaa seeneera. Kana booda egaa, gara isaa ilaalaa Hoolaan aarsaa qalma qubamuu maal akka ta'e in ilaalla, jireenya akkam mi'aa ture laata yeroo sanatti.

23 Amma, akka kootti inni kun wal falmii hundumaatiin kan mormuudha. Kristoos mul'achuu isaatiin, Hoolaa aarsaaf dhi'aatu ta'uu isaatiin garee amantii hundumaan, seera fi labsii hundumaan, ilaalcha waldummaa hundumaan in morma. Isaan kana hundumaan in morma. Asitti kan arginu isa waan ta'eef, sagalee isaa isa qulqulluu mudaa hin qabne waan ta'eef, inni kun sirriiadha. Wangeela Yohannis boqonnaa 1 keessatti, “Sagalichi jalqaba waan hundumaa dura ture; sagalichi Waaqayyo bira ture; sagalichi ofii isaa Waaqayyo ture. Sagalichi nama foonii ta'ee nu gidduu buufate” in jedha. Kanafuu inni sagalee Waaqayyo isa mudaa hin qabnetu foon uffatee mul'ate.

As irratti kan ilaallu, isa kana Waldaa Kristaanaa yeroo ammaatii wajjin wal qabsiisuu hin dandeenyu, garee amantii kamii wajjin illee wal qabsiisuun nurra hin jiraatu. Iddoo waan akkasii fakkaatu isatti hidhuu hin dandeenyu, sababiin isaa isa miti waan ta'eefi. Nuyi maqaa Kristoosiin mana irra keenyee manichaan, “Waldaa Kristoos,” akkasumas, isa kana, isa sanaa fi waan kan biraa jenna. Inni kun isa ta'uu hin danda'u. inni kun guutummaadhumatti ta'uu hin danda'u. Garuu yeroo Waaqayyo maqaa isaa waan tokko irra kaa'u, inni ta'u isa kana dha.

24 Egaa, Macaafni qulqulluun jaarmiyaa keenya ammaa kana kan inni itti fakkeessu hin jiru, yoo Baabilooniin ta'e malee. Macaafa Qulqulluu keessatti dhaabbileen amantii ammayya'aan keenya kun isa kana qofaatti fakkeeffama. Sababiin isaa gurmaa'inni amantii kun Nimrodiin kan hundeeffamee fi namoota amantiitiin humnaan kan tokkummeeffamee dha. Inni kun egaa isa seerri amantii fi gareen amantii keenya yeroo

har'aa gochaa jiranii dha, humnaan tokkummeessanii, "Isa kanatti dabalamta, kana hin ta'u taanaan in baata!" kanaaf egaa amma, akkuma argitan hundumaa dirqisiisanii gara tokkummaa guddaa tokkootti fidaa jiru. Garuu inni kun hojii makaaniksii namaan hojjetame waan ta'eef kan dhaabatee turu miti. Inni kun fedha Waaqayyoo miti. Hammam namoonni isa kana jechuuf yoo yaalan illee, inni sagantaa Waaqayyoo miti. Sagantaa Waaqayyoo miti. Isa ta'uus hin danda'u. isa kana ta'uuf raawwatee hin hindanda'amu. Waaqayyo waan sagalee isaatiin mormu akkasii irra raawwatee maqaa isaa hin kaa'u. Waaqayyo akkamittiin waan sagalee isaatiin mormu keessa jiraata? Isa kana gochuu hin danda'amu.

25 Kanaaf kan nuyi arginu, inni Waldaa Metedistii, Baaptistii, Presbayiteeriyaanii, Pheenxeqoosxee, Kaatolikii, Ortodoksii Griikii, kamiin iyyuu haa ta'u, inni isaan kanattii hidhata hin qabu. Hanga ammaatti isaan kun iddoo Waaqayyoon itti waaqessan miti.

Egaa, mee Waaqayyo inni isa kana abdachiise dhufee dhugummaa isa kanaa, sirrii ta'uu isaa haa mirkaneessu. Karaan isa kan gochuun danda'amu karaa isaati. Inni amma iyyuu Waaqayyo dha, inni amma iyyuu Waaqayyoo dha! Inni bara hundumaatti Waaqayyoon erga turee, bara baraan Waaqayyoon ta'ee in jiraata!

26 Egaa amma kan argaa jirru amantii humnaan gurmeessan, garee warra xixiqqoo humnaan walitti fidanii, "Tokkummaa ishee guddoo" jedhanii waamaa jiru. Isaan kaan kanatti amanu, kaan immoo sanatti amanau; isaan kaan kanaan mormu, kaan immoo sanaan mormu. Macaafni Qulqulluun, "Namoonni lama walitti dhufanii utuu waliif hin galin walii wajjin dhimma tokkoof adeemuu ree?" in jedha. Inni kun gonkumaa hin hojjetu.

Walii galtee qabaachuutu nurraa eegama. Maaltu maalii wajjin walii galtee qabaata? Walii walii keenyaan utuu hin ta'in hamma danda'amett sagalee Waaqayyoo wajjin Walii galtee qabaachuutu nurraa eegama. Inni nuyi walii galtee isaa wajjin uumuu qabnu isa kana.

Amma egaa, as irratti kan arginu gareen namoota humanaan tokkummaa'anii Baabilooniin bakka kan buufamu ta'uu isaati. Waaqayyo maqaan isaa warra akkasiitti akka waamamu hin godhu. Inni konkumaa isa kana godhee hin beeku, sichittis gonkumaa hin godhu. Isaan haa yaalan iyyuu malee, isaan maqaa isaa isatti waamsisuuf haa yaalan iyyuu malee, inni kun ta'uu hin danda'u.

Garuu nuyi iddoon maqaan isaa itti waamamu eessa akka ta'e barbaaduun dirqama, iddoon tokkichi Kristaanonni akka itti dhufaniif inni qopheesse fi ijoolleen isaa warri isatti amanan kan isa waaqesaan iddoo sana qofaa waan ta'eef. Iddoon kun maal ta'inna laata?

27 Egaa, isa kana dhugoomsuuf, guutummaa Macaafa qulqulluu fudhannee ilaaliitu nurraa eegama, isan jchuuf jedhu kana dhugoomsuudhaaf. Iddoon inni filate Kristoos keessa, Yesuus Kristoos keessa dha. Isa keessa dha, ilma isaa keessa; Yesuus Kristoos, ilma Waaqayyoo keessa dha.

Ati, "Gaarii dha, akkan yaadetti caaffanni qulqullq'aan asitti dubbifne kun kan jedhu inni iddoo sana filatee, iddoo filate sanattis immoo maqaan isaa akka waamamu in gidha jedha" jetta.

Gaariidha, ilmi yeroo hundumaa maqaa abbaa isa in fudhata. Maqaan koo Branhaam dha. Sababiin isaa abbaan koo Branhaam waan tureef.

Yesuus immoo maqaa Abbaa isaatiin akka dhufe dubbateera. Yoh 5:43 keessatti, "Ani maqaa Abbaa kootii nan dhufe, isin garuu ana hin simanne;" in jedha. Kanaafuu iddoon Waaqayyo maqaa isaa kaa'e aarsaa ilma isaatii jala dha! Iddoon Waaqayyo qopheesse isa kana. Iddoon namoonni Waaqayyoon itti argan jira, innis Kristoos keessa. Iddoon isaaf qophaa'e isa kana. Garee amantii miti, seera Waldaa miti, waan kamiin iyyuu miti kan Waaqayyo saba isaa quunnamuuf isaan abdachiise. Iddoon maqaan isaa jiru isa qofa wwaan ta'eef, inni karaa Yesuusiin qofa nama in arga.

28 Nuyis akkasuma Yesuusiin in dhageenya, caaffata qulqull'aa keessatti, Yohannis boqonnaa 5ffaa lakkoofsa 43ffaa keessatti itti fufee, "Kan biraa maqaa ofii isaatiitiin yoo dhufe, isa immoo in simattu" jedha. Nuyi seera waldaa simachuu dandeenya, "Kan biraa," garee amantii simachuu dandeenya, isa simachuu dandeessu; garuu Yesuusiin simachuun waan addaa dha. "Kan biraa dhufee, 'Ani Metedistii dha, ani Baaptistii dha, ani Presbaayiteriyaanii dha' in jedha, isaan kana hundumaa gaarii gootanii in simattu.

Garuu ani maqaa Abbaa kootiitiin dhufeen, waan abbaan koo ana ajaje raawwadha, isin garuu ana hin simanne." Inni, "Yohannis dhufera, inni dhuga ba'umsa guddaa fide, garuu ani dhuga ba'umsa Waaqayyoo isa Yohannisin caaluun qaba. Wanti ani godhu waan Abbaan akkan godhuuf ana abboome qofa waan ta'eef" jedhe. Sagaleen waa'ee isaatiif barreeffame, waan inni yeroo sanatti ta'uun isa irraa eegamu ture. Inni waan…

29 Maqaan isaa Waaqayyo ture. Waaqayyo moggaasa baay'ee qaba. Waaqayyo mataan isaa moggaasa inni ta'e Yaahwee yir'ee, Yaahwee Minaasee, Yaahwee Raafaa jedhama turre. Inni Arfaasee Shaaroon, Daraaraa dacha keessaa, Bakkalcha barii; Alfaa, Omeegaa, Jalqabaa fi dhuma, Abbaa, Ilma, Hafuura Qulqulluu; moggaasa kana hundumaa qaba.

Garuu maqaan isaa, maqaan Waaqayyoo "Yesuus Kristoos," isa dibame dha. Maqaan isaa isa kana. Inni moggaasa baay'ee qaba ture, garuu inni maqaa tokko qofa qaba, "Fayyinnis Yesuus Kristoos duwwaadhaan malee, kan biraatiin tokko illee hin jiru; maqaan kan biraa, ittiin fayyuun kan nuuf ta'u, waaqa jalaa ilmaan namootaaf hin kennamne" kan jedhu dhugaa ta'uu isaa in argina.

Akkasumas of eeggachiiseera, "Yeroo warri kan biraa dhufan, yeroo maqaa ofii isaaniitiin, 'Metedistii, Baaptistii, Presbayiteeriyaanii, Pheenxeqoosxee, fi kanneen biroon dhufan' isaaniini in simattu. Isin isaanitti in makamtu." Garuu Yesuus in tuffatame. Isaan isa kana in tuffatan.

30 Raajiin dubbateera! Mee akka fakkeenyaatti maqaa isaa muraasa haa dhoofnu. Raajichi, "Maqaa isaa 'Amaanu'eel' jettee in moggaafta" jedhe, isa kana Isaayaas boqonnaa 7ffaa keessaa arganna. Akkasumas Maatewos 1:23 keessatti, "Kun hundinuu inni Waaqayyo gooftaan afaan raajichaatiin dubbate akka raawwatamuuf ta'e. Innoo, " Kunoo durbi in ulfoofti ilmas in deessi, maqaa isaas 'Amaanu'el' jedhanii in moggaasu" jedhe; "Amaanu'el jechuun Waaqayyo nuu wajjin jira" jechuu dha.

Amaanu'el maqaan isaa Yesuus, Waaqayyo nuu wajjin jira, maqaa Abbaa isaatiin nuu wajjin jira. Inni maqaa Abbaa isaatiin dhufe. Iddoon Waaqayyo maqaa isaa kaa'e jira, innis immoo Ilma isaa keessa. Iddoon isin itti Waaqaessuu qabdan egaa isa kana qofa. Iddoon Waaqayyo yeroo hundumaa isin argu ilma isaa isa Hoolaa aarsaaf dhi'aatu bakka buufame sana keessa qofaatti. Kakuu moofaa hundumaa keessatti kan barreefame hunduu waan tokko qofaafi, innis iddoo tokko qofaafi, Waaqayyo, kophaa isaa dhiiga aarsaaf dhi'aate keessaan isaan arga. Iddoon tokkichi inni itti isaan arge, iddoon tokkichi inni itti har'a isaan argu, maqaa seera Waldaatiin miti, yookiin maqaa garee amantiitiin miti, maqaa Waldaatiin, yookiin maqaa gareetiin, yookiin maqaa Hawaasaatiin miti, maqaa "Yesuus Kristoosiin!" malee.

31 Isa kana irratti yeroon dardara ture yaalii irratti geggeesseen ture. Yeroo baay'ee ekeraa dubbisummaa seexanaa waanan dhaga'uuf akkamitti waan kana akka raawwatu nan dhaga'a. erga Waaqayyo jiraatee, dirqama Seexanni akka jiru nana beeka, sababiin isaa Macaafni Qulqulluun Seexanni tureera jedhuuf. Akkan yaadutti… warra ekera dubbistuu kana in dhaga'a. Isaan keessaa gara muraasa isaanii deemeen sobduu ta'uu isaanii arge. Wanti tokko iyyuu hin jiru, walitti qabama itti fakkeessaati malee. Garuu muraasni isaanii dhugaadhumatti ekera dubbiftuu ta'uu isaanii argeera.

Guyyaa tokko anii fi tajaajilaan tokko isaan ilaaluudhaaf gara mooraa isaanii dhaqnee achitti isaan argine. Isaan teessuma lafa irraa ol kaasanii, burcuqqoo Wiiskii isa irra kaa'an; kana booda teessumicha gadi galagalchan. Gitaara gidduu ijaarsa manaa keessa balaliisan; wayyaa namootaas akkasuma. Isa kan hundumaa kutaa manichaa keessatti in godhan. Inni hafuura nama du'eetiin dubbatu sun, "Namni kamiyyuu yoo isa rurrukute ani isa nan dhiphisa" jedhe.

Namoonni lama, "Ani gadi isa nan buusa" jedhan. Miilla isaa akka qabuu godhanii gadi buusuuf yaalan. Inni garuu gadi gu'uu hin dandeenye. Sababiin isaa teessumichi isaan darbatee lafarra isaan diriirse.

32 Naannoo sana hin taa'inaa. Utuu tajaajilaa taatanii tajaajilaaf dirree baatanii, wanti isin beektan tokkichi yaada Seexanaati. Utuu asii gadi baatanii namoota naannoo karaa deeman tokko tokko ilaaltanii, isa in argitu. Garuu seexannijira! Eeyyee dhugaadhumatti jira.

Namoonni seexana waaqessu, isaan waan gochaa jiran iyyuu hin beekan. Isaan Waldaa kristaanaa keessatti seexana Waaqessu, "Abboommii namaa akka seera

Waaqayyootti barsiisu, seera Waldaa fi seera muka abboota isaanii.” Isinitti himeera…

33 Dubartiin tokko ol natti iyyitee, “Lallabaa akka ati taate natti himaniiru” naan jette.

“Ani Lallabaa dhan” jedheen.

“Kanaaf yoo hin gootu ta'e…Waa'ee kanaa maal yaadda?” naan jette.

Ani immoo, “Kun Seexanan” isheedhaan jedhe.

Isheen, “Gaarii dha, erga akkas ta'ee, yoo human cimaa qabda ta'e, mee gadi buusi” naan jette.

Ani immoo, “Ani guutummaatti human hin qabu. Ani human hin qabu garuu isa human qabu bakka bu'een as jiran” isheedhaan jedhe.

“Gooftaa Yesuus, Wangeela Maarqos boqonnaa 16 keessatti, 'Maqaa kootiin hafuurota hamoota in baaftu' jetteetta. Amma ana garbicha keef mo'ichi akka ta'u na beeksisi!” jedheen Waammadhe.

“Teessuma nana sin abbooma, 'Maqaa Waldaa Qulqullittiitiin kottuu gadi bu'i'” ittiin jennaan achuma ture. “Sin abbooma teessuma nana, 'Maqaa Abbaatti, kan Ilmaatti, kan Hafuura Qulqulluutti' kottuu gadi bu'I” jennaan achuma ture. “Teessuma kana nan abbooma, 'Maqaa Yesuus Kristoosiin' haa kufu” jedhee yeroon abboomu, miilli isaa arfanuu irraa caccabanii lafatti kufee urraa'e!

34 “Maqaa kootiin hafuurota hamoota in baasu!” Innis immoo maqaa Abbaati. Inni maqaa isaa Yesuus Kristoosiin keessa kaa'e. Kanaaf inni isa keessaan warra waaqessan in quunnama, inni isa keessaan hafuurota hamoota in baasa, inni isa keessaan dhukkubsattoota in fayyisa, inni isa keessaan lubbuu du'a in oolcha, inni isa keessaan Hafuura Qulqulluun in guuta. Inni egaa iddoo tokkicha Waaqayyo warra isa Waaqessan quunnamuu dha. Amma egaa Yesuus akkasumas kanatti fufee kan jiru kana dubbateera… Jechi Yesuus jedhu, “Yaahwee-fayyisaa” jechuudha, Yaahwee Fayyisaa jechuudha.

35 Yaadadhaa, “Goofticha Waaqessuu hin dandeessan…” maaliif? Lakkoofsa 5ffaa irratti, “Aarsaa Faasikaa, mandaroota Waaqayyo gooftaan kee siif kennu keessaa tokko keessatti iyyuu hin dhi'eessin.” Jedhe Waaqayyo, Seera keessa Deebii Boqonnaa 16 lakkoofsa 5ffaa irratti, “Aarsaa Faasikaa mandaroota Waaqayyo gooftaan kee siif kennu keessaa tokko keessatti iyyuu hin dhi'eessin. Inni isa kana qorumsaaf siif kenna.” Isa kana keessa seennee ilaaluuf deemaa jirra, torban kana yoo fedha Waaqayyoo ta'e waaqayyo isa dubbatetti in gaabba moo hin gaabbu isa jedhu bal'inaan in ilaalla. Hubadhaa, inni mandaroota isiniif in kenna, garuu mandara inni siif kennu keessaa tokko keessatti iyyuu Gooftaa hin Waaqessin, sababiin isaa Waaqayyo Gooftaan kee isa keessatti si hin simatu waan ta'eefi.

Garuu Waaqayyo Gooftaan balbala ittiin ol seenu filateera. Inni balbalicha filateera. Wangeela Yohaannis boqonnaa 10ffaa keessatti Yesuus, “Ani balbala Hoolonni ittiin ol galaniidha. Ani balbala” jedheera. Inni Yaahwee Fayyisaa dha.

36 Amma egaa sa'aatiwwaniif waa'ee isa kanaa ibsaa isinii wajjinan tura. Garuu, hojii keessaniin, deebii isin dhugaa fi sagalichaaf laachaa turtan irraa ka'uun, isiniif galeera jedheen amana. Kanaaf baay'ee fagaannee deemuu hin barbaachisu, bakka feetan kamii iyyuu fudhachuu dandeessu. Bakka kam iyyuu yoo dhuftan, yoo wanti sun dhugaa ta'e, toorri inni irratti kufu hunduu guutummaa sagalichaati. Macaafa Qulqulluu keessatti wanti tokko bakka tokkotti ta'ee, yeroo biraatti immoo kan biraa ta'a, faallaa isa duraa ta'a jechuu hin dandeessan. Inni bara hundumaatti kan hin jijjiiramne ta'uu qaba.

37 As irratti kutaa Macaafa Qulqulluu baay'een irra darbaa jira, sababiin isaa nutti guyya'aa waan jiruufi, Akkasumas Obboleettiin keenyaa fi namoonni biroon galgala kana tajaajila waan qabanii fi dhukkubsattootaaf kadhachuu waan qabduuf. Kana waan ta'eef, Biilii, akka isaan kaardii kadhataa argatan naaf ilaali.

[Namni ta'e, “Galgala kana tajaajilli hin jiru” jedhe.] Tajijilli hin jiru. Gaariidha. Gaariidha, gaariidha. Tole haa ta'u. Mee nuuf dhugoomsaa. Tole haa ta'u. Tole haa ta'u. [Waldaan harka walitti rukutan.] Obboleettiin keenya nuuf dhiisuu isheetiif, yeroo kana dabarsitee nuuf kennuu isheetiif, Waaqayyoo akka ishee eebbisu in amanna.

38 Yesuus Iddoo sana ta'uu isaa kan mirkaneessan yaadota amansiisoo hedduutu jira. Inni balbala, inni maqaa fi karaa namni ittiin Waaqayyoon Waaqessuuf kenname

tokkicha dha. Inni karaa dha, dhugaa dha, jireenya; karra, Balbalas; Alfaa, Omeegaa, isa jalqabaa fi isa dhumaatis; Arfaasee Shaaroon, Daraaraa dacha keessaa, Bakkalcha bariitis; Alfaa dha, Omegaadhas. Inni waan hundumaati, inni bakka tokkotti waan hundumaati. Inni hiddaa fi sanyii Daawiti, Ifaa fi Bakkalcha bariiti. Isa keessa guutummaa sadan tokkummaatu qaamaan buufatee jira, nuyi immoo isa sadan tokkummaa keessaan ilmaan dhiiraa Waaqayyoo fi intaloota Waaqayyoo taane. Eeyyee. Ilmaanii fi Intaloota isaa taanee maatii isaa keessa jirra, yoo isa keessa jiraanne.

39 Egaa, Waaqessuu dhaa akkamittiin gara Iddoo kanaatti dhufuu qabna? Gaaffiin inni itti aanu isa kana. Yesuus Iddoo sana yoo ta'e, gara Iddoo sanaatti akkamittiin seenuu qabna? Inni Maqaa Waaqayyooti. Inni Iddoo itti Waaqayyo Waaqaeffamuu dha. Akkasumas inni balbala tokkicha gola hoolaatti geessu dha. Kanaaf akkamittiin isa argachuu akka qabnu mala dha'uutu nurra jira.

Amma egaa, isin yoo gara balbalichaatti deemaa jirtu ta'e, maarree, ol seenaa kaa akka maatiitti, akkuma nuyi guyyaa biraas dubbachaa turre sanaa, isa… yookiin bakka ciree nyaannetti waa'ee Hoolaa xiqqoo sanaa, isa Waaqayyo utuu ishee xiqqoon sana barbaadee argee hin galchin warra kaanitti balbla cufuu hin dandeenye sanaa. Yoo ol seentaniittu ta'e, isin egaa maatii isaa taataniittu. Isin gara Waaqayyootti yoo dhuftan maatii Waaqayyoo in taatu. Garuu maatii Waaqayyoo ta'aa, akkasumas Presbayteriyaanii, Metedistii, Baaptistii, fi Pheenxeqoosxee ta'uu hin dandeessan. Kana gochuun isin irraa hin eegamu. Isin gara Kristoositti dhufuutu isin irraa eegama.

"Gaariidha, isa kana gooneerra" jechaa jirtu. Isa kana gootaniittu yoo ta'e arguuf jirra.

40 Mee, amma waan Macaafni Qulqulluun jedhu haa ilaallu. Qorotos Isa Duraa, boqonnaa 12ffaa keessatti, "HUndumti keenya dhagna tokko ta'uudhaaf hafuura tokkoon cuuphamneerra" jedha. Nuyi Hafuura Qulqulluu tokkichaan Qaama Kristoositti cuuphamne. Nuyi raafamuudhaan miti, nuyi miseensa ta'uudhaan miti, nuyi bishaaniin miti kan cuuphamne. Nuyi Qaama Yesuus Kristoos keessatti, Hafuura Qulqulluudhaan cuuphamne.

Yeroo isa keessa buutan yeroo hammamiitiif keessa turtan, hamma of wallaaltanii qalbii dhabdanittii? Efesoon 4:30 keessatti, "Hafuura Waaqayyoo isa Qulqulluu, isa guyyaa fayyinaatiif ittiin mallatteeffamtan hin gaddisiisinaa!" in jedha. Ana mitii, isaa wajjin wal mormaa. Kan inni jedhu isa kana. Kanan dubbisaa jiru isa dha. Tole egaa. "Guyyaa FAyyinaatiif ittiin mallatteeffamtaniittu," guyyaa Yesuus isiniif dhufu santti. Yoos mee itti yaadaa!

41 Sana booda isin ofii keessan kana miti, isin uumama haaraadha malee, afaan Griikiitti hiikkaan "Uumama Haaraa" jedhu jira waan ta'eef. Isin irra deebifamtanii lammata uumamtan. Humni Waaqayyoo isin irra dhufnaan, uumama haaraa uumamtan. Innis immoo qaama uumamaa isa jiraataa, qaama hafuuraa isa jiraataa fi waan hundumaa isa sagalee Waaqayyootiif abboomamu isinitti godhe. Karaan kan biraa hin jiru!

Akkamittiin isin nuyi Kristaana ofiin jechaa, waan tokkittiidhaan illee daandii isaa irraa kaattu? Eenyu illee waan cittuu tokkoon seera irra yoo daddarbe, inni hunduma isaa yakkuu isaati. Eenyu illee! Jedhee Yesuus, "Namni nyaata duwwaadhaan hin jiraatu, dubbii afaan Waaqayyoo keessaa ba'u hundumaan malee" jedhe. Cittuu gar tokkee sagalee miti; sagalee hundumaan malee! Isa kana immoo Mul'ata boqonnaa 22ffaa keessatti, "Namni dubbii Macaafa kana keessatti caafame irratti waa dabale, Waaqayyo muka jireenya kennuu fi mandarattii qulqulluu waa'een isaanii macaafa kana keessatti caafamana keessaa qooda isaa hir'isuuf jira" jedhee dunnateera. Nuyi Macaafa Qulqulluu irraa hir'isuu yookiin itti dabaluu hin qabnu, akkuma inni jirutti dubbachuu qabna malee.

42 Qorontos Isa Duraa boqonnaa 12 keessatti, "Hundumti keenya dhagna tokko ta'uudhaaf hafuura tokkoon cuuphamneerra" in jedha.

Egaa erga Qaama kana keessa taatanii booda, Roomaa 8:1 keessatti, "Egaa amma firdiin, warra Kristoos Yesuusitti qabamanii jiraatanitti faradamu tokko illee hin jiru" in jedha. Iddoon firdiin hin jirre jira. Yoo gara warra Metedistii, Baaptistii, Presbayiteriyaanii dhaqxan, bakka kamiin iyyuu yoo ta'e; yoo Kristoosiin keessa taatan isin dhaloota haaraa waan taataniif, eessatti illee guutummaadhumatti isinitti hin faradamu. Inni egaa iddoo itti Waaqayyoon wl arganii dha. Inni iddoo itti Waaqayyo warra isa waaqessaniin wal arguu dha. Iddoon isin biyya lafaa keessaa duutanii uumama

haaraatti lakkaa'amtan jira. Isaan egaa isa keessa in jiraatu. Argamuun Waaqayyo isa jiraataa guyyuma guyyaadhaan isaanii wajjin jira.

Inni baroota hundumaa keessa isaanii wajjin in jiraata. Baroota dhufanii darbanitti, Macaafa Qulqulluu keessatti, yeroo namni Waan Waaqayyo isa irraa barbaadu raawwatutti, yeroo inni sagalee isaa isa guyyichaaf barreeffametti dhufutti, Waaqayyo nama sana uumama haaraa isa godha, inni firdii jalas hin jiru. Iyoobiin ilaalaa.

Akkataan ani maayikii kanatti fayyadamaa jiru gurra kan isin duuchuudhaa? Isa kanaaf nana gadda. Sagaleen ofirra akka deebi'u nan beeka. Anatti iyyuu deebi'ee asitti natti dhaga'ama.

Garuu, Iyoobiin ilaalaa, waan namoonni isatti faraduuf yaalan homaatti utuu hin lakkaa'in, namoonni meeqa dogoggoraa jirta utuu isaan jedhanii, inni qalma gubamu sanaan abboommii Waaqayyoo eegaa ture. Inni dhugaa akka argate in beeka, sababiin isaa abboommi Waaqayyoo waan eegeef. Dhugaan isaa kan beekameef, sababa inni waan Waaqayyo isa irraa barbaadu waan godheefi.

43 Argamuun jiraachuu Waaqayyoo guyyicha, guyyuma hundaa du'a seera waldaa jalaa gara jireenyaa fi gara sagalee guyyichaaf ergameetti in ibsa. Amma, Waaqayyo waan hojjetu qaba.

Akkuma daraaraa xiqqoo, akkuman ganama tokko ciree irratti dubbadheeti. Sanyiin yeroo gara ifaatti ba'u guddachuu jalqaba. Inni tiifuu Waaqayyo irraa dhugaa, hamma human baasutti ol dhiibamuu isaa itti in fufa, sana booda daraaree ija in godhata.

Amma, as irratti kan arginu, nuyis Kristoosii wajjin yoo jalqabne akkasumatti in guddanna, sababiin isaa nuyi ayyaanaa fi barsiisa Waaqayyoo jalatti guddanna.

44 Karoorri Waaqayyo bara kamiifuu qopheesse, sagalee isaa qofaa dha. Ilmi isaa dhufee abdii abdachiifame hundumaa bara isaa keessatti mul'iseera. Raajonni hunduu yeroo isaaniitti dhugaa dhumatti dhufanii darbaniiru, iaan sagalee Waaqayyoo lubbuun lafa irra tureedha. Isaan sagalee turan. Yesuu isaan “waaqayyoota” turan jedhe. Yesuus Raajota kanaan, “waaqayyoota” jedhee isaan waame.

Namichi tokko tajaalila koo yeroo darbee irratti, “Ati barumsa Tiyooloojiitiin hiyyeessa” naan jedhe.

Ani immoo, “Isaan keessaa tokko ta'uuf hin yaadun” jedheen. “Sagalichi warra Tiyooloojiitiif hin dhufne; isa tiyooloojiin hijjetu mitin” isaan jedhe. Sagalichi in dhufa…argitanii? “Tiyooloojiin warra Tiyooloojiitiif dhufe, nuyi garuu waan isaan irraa adda ta'e dubbachaa jirran” jedheen.

45 Amma kan nui arginu, baroota keessatti, yeroo Waaqayyo wanti tokko in ta'a jedhee dubbatu, isa jedhe nama keessaan as baasee mul'sa, saba isaa keessatti akkasitti sagalicha jiraataa in godha. Inni kun egaa Waaqayyotu saba isaa gidduu jiraataa jira, sababiin isaa inni deebii sagalee isaatii waan ta'eefi.

Egaa, wanti tokkichi waaqayyo har'a qopheessee fi karoorri isaa tokkichi, ilma isaati, bara kanaaf sagalee isaa keessaan, Hafuura isaatiin kaka'umsa jiraachuu isaa nuuf godhe, kaka'umsa nutty godhe.

46 Amma egaa nuyi manneen barnootaa Tiyooloojii gurguddaa qabna. Yeroo baay'ee, yeroo nuyi akkas goonu…Homtinuu isaan hin mormu, dhugaadhumatti lakki. Garuu, hubadhaa, yeroo mana barumsaa warra Tiyooloojii galtanatti…

Yesuus wangeela Yohaannis boqonnaa 4 keessatti, “yeroon itti warri dhuguma sagadan, hafuuraa fi dhugaadhaan Abbaadhaaf sagadan garuu in dhufa.Waaqayyo hafuura; warri isaaf sagadanis hafuuraa fi dhugaadhaan isaaf sagaduun in ta'aaf” jedhe. Egaa, namoonni tokko tokko haffura qabu, garuu dhugaa hin qaban. Kaan immoo dhugaa qabu, garuu hafuura hin qaban.

Kanaaf akka waan konkolaataa guddaa tokko qabnuu wajiin wal fakkaata, mee karaa kaandeelaa isaa haa ilaallu. Kaandeelaan isaa lamaanuu kan wal fakkaatan miti, kanaaf ias isa dhiibnee…hamma kuusaa boba'aatti, sana booda lamaan isaa boba'aadhaan guuttanii in qadaaddu. Gaarii dha, bakkee isaa ilaaltanii, “Teessumni isaa nagaadha. Mariin isaa bareedaadha, ulee diyaamndii of keessaa qaba. Kanaaf, akka gaariitti ittiin oofuuf…sirriitti miidhagfameera. Sana booda duuba isaa irra teessanii irri bni isin qaba. Kanaaf, Oo, wanti isin al tokkotti gochuu dandeessan baay'ee dha. Garuu isaan keessaa tokko yoo ilaaltan… hundumti isaanii Makaaniksii gaarii qabu, garuu isaan

keessaa tokko Daayinaamiksii qaba. Hubadhaa, tarii makaaniksii isaa beekuu dandeessu, garuu makaaniksii sochoosuuf, isa hojjechiisuuf, daayinaamiksii argachuu qaba.

47 Inni kun egaa rakkoo Waldaa Kristaanaa yeroo ammaati. Nuyi Tiyooloojiidhaan guutuudha, garuu daayinaamiksiin tokko illee keessa hin jiru. Inni kun sirrii dha. Argitanii?

Karaa biraatiin, isin qodaa ibsaa duwwaa of harkaa qabdu, yookiin boba'aa keessantu… Qodichatti nam'ee boba'uu hamma hindandeenyetti, hamma bishaanii iyyuu hin ga'u. Kanaaf, karaan isaa isa kana.

Hamma gaarii goonee yoo baranne illee, hammam garii goonee yoo amanne illee, akkasumas, waa'ee Macaafa Qulqulluu wanti nuyi dubbannu hammam dhugaa yoo ta'e fi hammam gutummaa isaatti yoo amannne illee, daayinaamiksii argachuutu isa irra jira, qodaa boba'aa sun sagalicha bobeessaa toora galchuuf daayinaamiksii isa barbaachisa. Isa kana argachuutu isa irra jira. Kana hin gootan yoo ta'e, Waldaan ammayyuu achuma teessi, konkolaatichi achuma taa'a, isinis amma iyyuu achuma teessu. Garuu, hammam yoo akkas jettan iyyuu, “Ani kan namaaf gadduu dha. Ani sagalee isaa hundumaatti nan amana.” Waan isa qabsiisee bobeessu kan biraa argachuutu isin irra jira, Okteenii dhibba tokko isa bobeessuu fi Waldaa Kristaanaa ishee guddittii kan Waaqayyoo isa sochoosu. Daayinaamiksii fi MAkaaniksii argachuutu isa irraa eegama. Makaaniksiin dogoggora tokko tllee hin qabu, garuu rakkinni Daayinaamiksii dhabuu isaati.

Akkan yaadutti rakkoon Waldaa Kristaanaa yeroo ammaa, sagalicha tuqnee bara keenyaaf jiraataa gochuuf, nuyi human daayinaamiksii hin qabnu.

48 Maartiin Luuter bara isaatti daayinaamiksii fi makaaniksii of harkaa qaba ture. Joon Wesileeyis bara isaatti of harkaa qaba ture, warri Pheenxeqoosxees bara isaniitti of harkaa qabu turan.

Bara keenya kanatti hoo? Inni kun yeroo biraati! Amma, Waldaan Kristaanaa guutummaatti guddachuu qabdi, Kristoosiin simachuuf qophaa'uu qabdi, mul'achuu eebba isaatii hundumaa isa inni Macaafa Qulqulluu keessatti abdachiiseen, saaqiinsa dhagna guddaa tokkicha iddoo inni saba isaa simachuuf abdachiise sanaa fi iddoo inni itti Waaqeffamuu jaallatu, Waldaa Kristaanaa ishee guddittii kan ofii isaa keessatti guutuummaatti guddachuu qabna.

49 Garuu, hubadhaa, nuyi ijoollee keenya mana barumsaatti in ergina, dubbisuu, barreessuu, herrega, seenaa raajotaa hundumaa fi waan biraas in baranna. Inni kun gaariidha, sana booddeedhaan waan ta'e tokko hin argattan yoo ta'e garuu!

Ati, “Oh, ani sirriitti iyyeera. Afaan haaraadhaan dubbadheera” in jetta. Inni kun gaariidha. Anis isa kanatti nan amana. Garuu wanti ani hamma yoonaatti dubbachaa jiru isa kana miti. Hubadhu, waan hiiki isaa hin beekamne dudubbachuu dandeessa. Akka konkolaataa dulloomaa ka'uuf yaaluu, “Pilaank-plaanki, buumpi-buumpi” jechuu dandeessa. Ati, “Eeyyee, anis isa kanatti nan amana, isa sanattis nan amana” in jetta. Garuu yeroo guyyichi ga'utti, Oo, lakki, lakki akkas miti!

Wanti Okteenii dhibbi tokkittiin, obboleesso, yoo Jenereeterii gaarii isaa wajjin wal argatte, isheedhumatu sagalee Waaqayyoo isa abdachiifame sana hundumaa bobeessa. Inni kun sirrii dha.

50 Rakkoon keenya yeroo ammaa isa kana, amma gara dhaabuutti dhufneerra. Nuyi kanattis, sanattis amanuu barbaanna.

Waa'ee waan kanaa waan tokkon dubbadha. “Gaariidha egaa, ani hin beeku.” Gaariidha, Macaafa Qulqulluutu dubbate! Kan irratti walii gallu isa kana. Waaqayyotu jedhe taanaan, wantichi inuma ta'a. Nuyi yoo…Yoo Waaqayyo waa godhaa jedhe, waan sana gochuutu nurra jira. Hamma Waaqayyo isa tokkosutti ati achuma turi, sana booda kallattiidhumaan deebitee fiiguu in jalqabdaatii, kana immoo arguuf jirta. Yoo akkas hin gootan ta'e, hundumtuu akka gubatutti itti qabsiisuu keessani. Kanaaf nuyi waan adda ta'e tokko barbaanna, nuyi waan nu tokkosu tokko barbaanna.

51 Egaa hubadhaa, inni Hafuura Qulqulluu duwwaadhaan miti kan dhufu, sagalee isaa barachuudhaan, sagalee isaa sana mul'ataa in godha. Amma yaadadhaa, Raajonni sagalicha amanan. Isaan sagalee Waaqayyoo fudhatan. Waaqayyo, Hafuurri Qulqulluun dhufee abdii sana isaan keessatti qabsiise, inni kunis dhufee darbe. Oo, yaa anaa! Eenyu inni isa kanatti faraduuf deemu?

Yesuus, "Eenyutu ati cubbamaadha jedhee natti faraduu danda'a? cubbuun 'amanuu diduu dha.' Waan Waaqayyo barreessee fi waan raajonni dubbatan hundumaaf ani deebii dha. Waan isaan in hojjetan jedhan hundumaa, hojjedheera" jedhe. Inni ilma namaa ta'ee akka raajiitti dhufe. Inni kun dhugaadhumatti waan inni tureef, waan inni mirkaneessuu barbaadeedha inni isa kana ture. Maaliif? Daayinaamiksiin makaaniksii qabsiisuudhaa achi ture. Ilmi ofii isaatii makaaniksii ture, Abbaan immoo daayinaamiksii ture. "hojiin hojjetamu kun anaan miti kan hojjetamu, Abbaa koo isa ana keessaatu hojjeta malee. Isatu, daayinaamiksiitu wantichi fuulduratti akka deemu godha. Inni kun akka raawwatu isatu godha."

52 "Yooman waan tokko dubbadhee…" Akkuma Saamu'ee yeroo tokko sabatti dubbate, "Wanti ani maqaa Gooftaatiin isinitti dubbadhee, wanti sun utuu hin raawwatin hafe jiraa?" jedhee gaafateeti. Argitanii? "Waan tokko dubbadhee, yoom wanti sun utuu hin raawwatin hafee beeka?"

"Oo, sii, maaltu dhufee akka ta'u nutty himte, garuu hundumaafuu nuyi Mootii barbaanna." Jedhan.

Har'as akkuma kana. Namoonni yaada dhiphaa isaaniitiin wal qabsiisuu barbaadu, seera Waldaa isaanii isa ofii tumataniin wal qabsiisuu barbaadu. Isa kanatti qabsiisuu barbaadu. Egaa waa'ee haaromsa bara keenyaa yeroo dubbannutti, akkamitti sosochii haaromsaa qabaachuu dandeenya yeroo wanti hunduu akkasitti dalga galetti? Boba'aatti bishaanni fi wantooni biroon nama'an, saamunaa garaa garaa fi wantoota ammayyummatu wal make.

53 Guyyaa tokko karaa irra utuun deemuu akkas jedhe, saamunaan ammayya'aan tokko akkas jedha, "Saanii dhiquun isin irraa hin eegamu, wanti sin gochuu qabdan yoo jiraate cuuphxanii keessaa fuudhuu qofa, keessa cuuphxanii keessaa fuudhuu qofa" jedha.

"Har'a nan jagnoomee" jedheen yaade. Achi deemeen saanduqa tokko naaf kennaa jedheen bitee gale.

Haadha manaa kootiin, "Mee ati deemi, dammakoo, mee ka'een saanii dhiqaatiin" isheedhaan jedhe.

"Yaa dhiiro, jarreen sun, saayintistoonni sun waan dubbatan beeku. Waan isaan jedhan isheetti agarsiisuun jalqabe, hamma isheen waan ani hojjechaa jiru ana harkaa fuututti. Keessa cuuphxee keessaa baasuu qofa wanti ati gochuu qabdu" jedheen yaade.

Daa'imman cireedhaaf hanqaaquu nyaatanii turan. Kanaaf saamunaa kana isa keessatti dhangalaaseen, saanicha keessan cuuphe keessaan baase, keessan cuuphe keessaan baase. Inni ammayyuu hanqaaquu qaba. Kunoo akksi dhiiro, kana booda waanan Televizhiinii irraa dhaga'u hin amanu. Lakkii dhiiro, lakki, lakki, isa kana hin godhu.

Sababiin ani sirni nam tolcheen kami iyyuu dhaabbachuu danda'a jedhee hin amanneef. Waaqayyoo karaa qopheesse tokko qaba. Innis Metedistii, Baaptistii, Presbaayiteeriyaaniis miti; Yesuus Kristoosi dha malee, dhaloota haaraatiin, Macaafa Qulqulluutti amanuudhaan. Karaan inni qopheessee fi karaan tokkichi inni qabu Yesuus Kristoos, ilma isaa isa ta'e qofaadha. Kanaaf, inni ilma isaa keessa maqaa isaa dhokse. Kan isaati! Maqaan Waaqayyoo Yesuusi dha, sababiin isaa Yesuus maqaa Abbaa isaatiin dhufe. Kanaaf inni maqaa Waaqayyoo ta'uu qaba, sababiin isaa inni Waaqayyoon ture.

54 Amma hubadhaa, yeroo humni socho'aa guddaan inni kan Waaqayyoo gara ilma Waaqayyoo dhufutti, inni isa in dammaqse, Hafuurri jiraataan isa keessa seene. Itti aansee hoo maal godhaa? Sana booda teessoo Waaqaa irra isaan teessise, ammayyuu achuma jiru. Waan fuul duratti ta'u utuu hin ta'in amma achi jirra. Amma nuyi dursinee du'aa kaaneerra, daayinaamiksiifi makaaniksiin walii wajjin hojjatanii nu dammaqsan, kanaaf nuyi jiraahuu Waaqayyootiif, iddoo hafuurri isaa jirutti dammaqoo taane. Egaa amma nuyi iddoo isa waaqa irraa irra, Yesuus Kristoosiin keessa teenyeerra; Yesuus Kristosiin keessa, isa keessaa taa'uudhaan, innis Teessoo isa guddaa isa durumaan ol butame, isa dursee du'aa ka'e sanaan nuyis du'aa kaane. Nuyi gar tokkee qaama isaati. Yoo qaama Misirroo taatan, isin qaama isaati, sababiin isaa Misirroon qaama Dhirsa Misirroo akka taate in beektu. Kanaaf isa kanaa wajjin kan wal fakkaatuu fi isheen waan yeroo kanaaf akka isheen gootuuf raagame gochuu qabdi. Isheen Laa'oodeeqiyaa ta'uu hin qabdu, bifa kamiin iyyuu isheen bu'aawaa ta'uu hin qabdu. Isheen Waaqayyoof kan

ho'itu ta'uu qabdi. Isheen Hafuura Waaqayyootiin kan sochootu ta'uu qabdi.

55 Amma isa barbaadaa jirru argachuuf jirra. Amma ka'aa mee yeroo wal fakkataa kanatti nurrattis haa hojjetuu, nuunis haa rukutuu; yeroo nuyi cubbuu fi irra daddarbaan duunee turretti, inni immoo sagalee isaa isa yeroo kanaaf ergametti nu dammaqse.

Mee duuba deebinee karaa baroota durii, waa'ee nama sagalee kanaan dammaqee haa yaadnu; utuu warra dhukkubsataniif hin kadhatin dura. Mee amaloota isaanii keessaa tokko haa fudhannu, mee amaloota isaanii ilaalaa.

56 Mee nama sagalee waaqayyoo hundumaa eegaa ture, kan Henok jedhamuu kakuu moofaa keessatti haa ilaallu. Inni sagalee Waaqayyootti dammaqaa ta'e waan ta'eef, “Inni Waaqayyoon gammachiise” jedhamee dhugaa ba'ameef. Wanti Waaqayyo godhi jedhee isa abboomnaan Henok utuu hin godhin hafe tokko illee hin jiru.

Kan na ajaa'ibu kan Henook kan ta'an namoota meeqatu galgala kana as jira, akka sagalee Waaqayyootti jiraata kan jettan namoota meeqa? Dubartoota meeqatu rifeensa mataa isaanii of irraa aadaa, nuyi duuka buutuu Henokiti ofiin jedhu? Ilaalaa, ilaalaa, isa kanaaf immoo akka Waaqayyo isaanitti faradu beekuu? Dhiirris ta'e dubartiin meeqan keessantu ani Henok jettanii of waamtu? Oo, yaa anaa! Inni kun dhugaadhumatti waan tokko, warri kumaatamaan lakkaa'aman hoo? Isa kana wayyaadhaan ukkaamsinee, “Ani miseensa kanaati, ani miseensa sanaati” in jenna. Miseensa sanaa ta'uu dandeessa, garuu…amma iddoo Waaqayyo qopheessetti dhuftutti! Iddoo sana tti immoo amma qaama sagalichaa taatutti ol lixuu hin dandeessu. Gar tokkee qaama isaa ta'uu keetiin immoo guutummaa isaa in taata, guutummaa isaatiif in abboomamta. Hubadhaa, nuyi asitti isa macaafni Qulqulluun, “Sagalee Waaqayyoo” jedhee waamu qabna, innis Sagalee Waaqayyooti.

57 As irratti kan arginu Henok gara daandii Waaqayyootti; gara sagalee Waaqayyootti dhufee waggaa dhibba shan isa gammachiisuudhaan isaa wajjin deeme. As irratti kan arginu makaaniksiin isa keessa jiru guutuu kan ta'ee fi yeroo daayinaamiksiin boba'aadhaan akka hojjetu godhametti, inni lafa irraa akka ol butamu ta'e. Yeroo jalqabaatiif balalii xiyyaaraa gara Waaqaatti kan jalqabe isa natti fakkaata. Makaaniksii fi daayinaamiksii Waaqayyootiin wal faana hojjechuu isaatiin, “Deebi'ee achitti hin argamne,” sababiin isaa Waaqayyo waan isa fudhateefi. Utuu inni hin du'in isa fudhate. Inni kun dhugaadhumatti sirrii dha. Inni karaa Waaqayyo irra deddebi'aa jiraate.

58 Eliyaas irrattis haaluma wal fakkaatu argina. Eliyaas inni durii Iizaabeloota fuula diddibatanii fi warra rifeensa muratan, akkasumas warra waan bara sanaatti fayyadamana gadi isaan waame, jaarsi sun guutummaa jireenya isaatti dubartootattii faraduudhaan dabarse, sababiin isaa isaab dubartii isaan geggeessitu Iizaabel jedhamtu qabu turan.

Akkuma kana manni fiilmii Hooliiwuudii obboloota durbaa hundumaa godaannisa isaa isaan keessatti uumaniiru. Kanaaf Iizaabeel ammayyuu lubbuun jirti. Naannoo keessan ilaaltanii waan isheen hojjechaa jirtu hubachuu dandeessu. Isheen amma iyyuu humna guddaadhaan jirti.

59 Amma kan arginu egaa, namichi jaarsi sun raajii ta'uu isaatiin waan kanaa fi waan hundumaa abaaraaree, guutummaatti fedha Waaqayyoo keessa in jiraate. Yeroo lallabdoonni hundinuu human dhabanii dhiisanitti, inni garuu dhugaadhumatti isa qabatee achuma ture.

Gaaf tokko inni baay'ee waan dadhabeef, Waaqayyo konkolaataafi fardeen abdidaa ergee gara Waaqaatti ol isa in fudhate. Inni human dadammaqsaa sanaan guutuu ture! Mee yaadaa, sagalee Waaqayyoo onnee isaa keessaa qabaachuudhaan, inni human daddamaqiinsaa sanaan guutuu ta'ee isaanis in dammaqe!

‟Hafuurri Waaqayyoo inni…” Nan amana ergaa garawarra Romaa boqonnaa 11, yookiin tokko, 11…,‟ inni akkas jedha, ”Hafuurri…‟ Romaa 8:11 keessatti akkas jedha, ” Hafuurri Waaqayyo inni Yesuusiin warra du'an keessaa kaase, isin keessaa yoo jiraate, inni Kristoosiin warra du'an keessaa kaase, hafuura isaa isa isin keessa jiraatuun, dhagna keessan isa du'us immoo in dammaqsa.‟

Isa in dammaqsa! Dammaqsuu jechi jedhu maal jechuudha? Dammaqsuu (Quick) jechuun afaan Griikiitti, ‟Du'aan booda gara jireenyaatti fiduu” jechuu dha. Haaleluyyaa. Balbalii waaqeffannaa jira. Dhugaa fi afuuraan waaqessuudhaan, makaaniksii fi daayinaamiksiin wal faana hojjechuu isaati. Waanan jechuu barbaade hubattanii?

“Hafuurri Waaqayyo inni Yesuusiin warra du'an keessaa kaase, isin keessa yoo jiraate, dhagna keessan isa du'us immoo in jiraachisa, sababiin isaa inni ofii isaatii jireenya.” Kanaaf inni yeroo dhagna keessan keessa jiraatutti, dhagni keessan guutummaatti akka isaaf abboomamu in godha. Maaliif abboomama? Sagalee Waaqayyootiif. “Yoo isin keessa jiraate.”

60 Egaa wanti tokko isin keessa jiraatee, yoo akkas isiin jedha ta'e, “Gaariidha, inni kun guyyaan isaa darbeera, Maarqos 16 keessatti inni barreeffame dhugaa miti, akkasumas yaadni Pheenxeqoosxummaa, Hafuura Qulqulluutiin cuuphamuunis dhugaa miti” jedha yoo ta'e, inni isiin keessa jiru sun Hafuura Waaqayyoo miti. Hammam gaarii gootanii yoo leenjifamtan iyyuu dhimma keessan, inni HAfuura Waaqayyoo miti. Isin akkas jettu, “Gaarii dha, Haati koo miseensa kanaati, Abbaan koo, Obboleessi koos baroota kana hundummatti akkasuma” in jettu. Waa'ee firoota keessanii fi kanneen biroo waan barbaaddan yoo jettanis, inni isaaniif waan gaarii ta'uu danda'a; garuu inni sun isiniif hin hojjetu, hubadhaa, isin guyyoota kana keessa gara Yesuus Kristoon dhufuutu isin irraa eegama, dhaloota kanaaf gara isa abdachiifamee fi gara isa dhaloota kanaaf jedhameetti dhufuu qabdu.

61 Hubadhaa, humni jiraachisuu guddaan sun Heenok irra bu'uu isaa in argina, inni isa waan jiraachiseef utuu hin du'in gara mana isaatti ol fudhatame.

Inni Eliyaasiin irra bu'ee hamma mana isaatti isa geesse du'a foonii malee.

Dhaaltuun isaa Elsaa'i ta'uu isaa argina, inni kun Kristoosii fi Waldaa Kristaanaatti in fakkeeffama, Elsaa'i. Eliyaas dinqiiwwan afur hojjete, Elsaa'I immoo dinqiiwwan saddeet hojjeta. Inni akkuma isa Waldaa Kristaanaa irratti dhangala'e sanaa dachaa godhee argate. [Iddoo duwwaatu teeppii irra jira.] Guyyaa tokko isaan nama du'ee lafee taanaan gatantu deebi'ee jiraate. Humni fayyisuu sun isaa wajjin boolla du'aa keessa ture. Hin dandeessan…

Inni yeroo hundumaa jira, yeroo human Waaqayyoo isa du'aa kaasu sana argattanitti, isaa wajjin kaataanii in jiraattu.

62 Amma egaa hubadhaa, Kristoosiin keessa ta'uudhaan, nuyi foon foon isaati, nuyi lafee lafee isaatiiti. Waaqayyo gaara “Lafee Mataatti” Kristoos akka madaa'u yeroo godhetti, inni anaa fi siif madaa'e. nuyi foon foon isaati, lafee lafee isaati, dhagna dhagna isaati, maqaa maqaa isaati, nuyi Misirroo isaati. Hubadhaa, nuyi isa keessa waan jirruuf, nuyi foonii fi lafee isaati.

Waaqayyo durumaan dursee humnaan du'aa nu kaaseera. Humni du'aa kaasu, inni cubbuu jala jiraachuu irraa nu kaase sun, jireenya keenya jijjiiruudhaan, Kristoosiin keessatti waan nu kaaseef du'aa ka'uu isa du'a boodaatiin immoo guutummaatti bilchina in arganna.

63 Amma yaadadhaa, nuyi maqaa keenyaan duunee awwaalamnee, maqaa isaatiin immoo du'aa kaane. Hubadhaa, kana booda maqaa ofii keenyaa hin qabnu, maqaa isa guddaa ta'e “Yesuus Kristoosiin,” isa Macaafa Qulqulluu keessaa, Efesoon 1:21 keessatti, “Maatiin Waaqarraas ta'e kan lafarraa maqaa isaatiin in waame” isa jedhu qabna malee. Inni kun Iddoo Waaqayyo maqaa isaa kaa'eedha. Inni maqaa matiin waaqarraa ittiin waamamanii dha. Inni maqaa matiin warri lafa irraa ittiin waamamanii dha.

Kanaaf nuyi cuuphaa bishaaniitiin utuu hin ta'in cuuphaa Hafuura Qulqulluutiin Kristoosiin keessa jirra; nuyi Hafuuraan dhagna tokkotti cuuphamne, dhagnichis Kristoosi dha; innis immoo iddoo waaqeffannaati. Sana booda nuyi isa keessa jiraachuudhaan lafa kana irra jiiraachaa jirra, inni akka hojii dhoksaati.

64 “Ani lafa xiqqoo tokko bitadheera” in jettu. Isa dhoksaa sana hamma argattanitti inni kan keessan miti. Garuu yoo isa dhoksaa sana argattan, wanti lafa xiqqoo sanaan mormu hunduu rukutamuu isaa in agarsiisa.

Kanaaf yummuu isin Kristaana taatanii Kristoosiin fayyisaa lubbuu keessanii gootanii fudhattan, Waaqayyo isa dhoksaa sana isiniif in erga, kun kan agarsiisu, inni waan abbaan kee hojjete, waan haati kee hojjette, waan namni biraa kam iyyuu hojjetettii dhimma hin qabu; haati kee, abbaan kees tarii machaa'oo, ejjituu ta'uu danda'u; waan kamiin iyyuu yoo turan, cubbuun rukutameera! Isin maqaa haaraa argattaniittu. Eenyu illee isa kana isin irraa fuudhachuu hin danda'u. Kanaaf, ilaalaa, wanti lafichi baasu hunduu kan keessan! Ameen. Kanaaf, yeroo isin cuuphaa Hafuura Qulqulluutiin Kristoosiin keessa taatanitti Waldaan kennaa Waaqayyoo hundumaa in

qabaatti. Ameen. Inni kun hojii maqaa dhoksaati. Isin, inni kan keessani, inni qabeenya keessan in ta'a. Inni dhagna keessan isa du'a in kaasa. Oo, yaa anaa, mee itti haa yaadnu!

65 Mee warra amantii qabeeyyii guyyaa shantammaffaa sana fudhannee haa ilaallu. Isaan hunduu yeroo sanatti gara kutaa isa ol aanuu kan turan yoo ta'u isaan hunduu in na'an. Isaan maqicha qabu turan, garuu in sodaatan. "Hundumaa isaaniitii sagaleen Waaqa irraa yeroo isaan bira dhufetti," inni ijaan hin mul'anne sun isaanitti gadi ergamee, "Dingatas huursaan Waaqa irraa akka bubbee bubbisuutti dhaga'amee, manicha isaan keessa jiranis guute." Kanaaf isaan dammaqiinsa in argatan, hamma sodaan isaan keessa jiran…Isaan keessa tokko sodaatee iyyuu ture, isaan isaan mormanii turan, inni warra Fariisotaa, yookiin Saaduqootaa kessaa illee miti. Garuu yeroo Haffurri Qulqulluun isa irra bu'ee Yesuus Kristoositti isa cuuphetti, inni foon foon isaa ta'e, lafee lafee isaa ta'e, sagalee sagalee isaa ta'e. Inni uumama haaraa ta'e. Inni nama haaraa ta'e. inni dhagna isaa in dammaqse.

66 Maal akka inni godhe ilaalaa, yeroo keessa keessan dhufu waan inni hojjetu ilaalaa. Inni asii gadi baatanii, "Ani Metedistii dha, ani Baaptistii dha. Oo, xuuxuun akka narraa hin eegamne nan beeka, kana qabaachuun ana irraa hin eegamu ture, wayyaa gosa akkasii uffachuun ana irraa hin eegamu ture, kana gochuun ana irraa hin eegamu ture, sana gochuun ana irraa hin eegamu ture" akka isin jettan isin hin godhu. Inni hamma isin isa kana gochuu qabdaniitti isin in dammaqsa. Inni dhagna keessan isa du'e in dammaqsa.

Ilaalaa, inni dhagna isaanii in dammaqse, inni hamma isaan gara waaqaatti dhi'aatanii afaan takkaa dhaga'anii hin beekneen dubbachuu danda'aniitti dhagna isaanii in dammaqse. Inni dhagna isaan du'aa in kaase, isaanis afaan haaraa isa Waaqa irraatiin in dubbatan. Cuuphamuu Hafuura Qulqulluutiin gara iddoo Waaqayyo jiruutti in dammaqan. Humni du'aa kaasuu Waaqayyo isatti isaan in cuuphe. Yeroo sanatti isaan iddoo Waaqeffannaa turan. Isaan iddoo itti Waaqeffachuu danda'an turan. Sanediriin yookiin wanti kan biraan yeroo hundaa isaan rakkisuu danda'a, sababiin isaa isaan du'a keessaa dammaqaniiru. Isaan saba haaraa turan. Kunis immoo erga cuuphamanii booda.

67 Isxifaanos isa gadi of deebisaa sana ilaalaa. inni gara karaa Waaqayyoo isa qajeelaatti dhufe; inni human Waaqayyootiin in dammaqee, gara balbalichaatti in dhufe, karaa Waaqayyoo irra in bu'e. Yeroo isaan dhagaadhaan dha'anii isa ajjeesuuf fuudhanii deemanitti illee inni, "Kunoo, ani bantiiwwan waaqaa banamanii, ilmi namaas gara miraga Waaqayyoo dhaabatee nan arge" jedhe. Inni kun human du'aa ka'uuti. Inni gara bobaa isaa jalaatti du'aa in ka'e.

Namni human du'aa ka'uutiin guutuun kan biraan Filiphosiin ture. Dacha Samaariyaatti utuu inni sosochii guddaa utuu inni geggeessuu in argina. Humni du'aa ka'uu guddaan kun erga isa irra bu'aa booda, erga Kristoosiin keessa ta'ee booda, namoonni kumaatamatti lakkaa'aman akka isa dhaggeeffatan ta'e. kanaaf inni isaan, "Filiphos, gara lafa onaa Gaazaatti akka gadi buutun barbaada. Nama ati achitti isa quunnamtutu achi jira" isaan jedhe. Isa kana diduun hin jiru, raawwatee isa kana hin didne, inni human du'aa ka'uu sanaan guutuu ture. Inni Kristoosiin keessa ture. Inni iddoo Waayyoof qophaa'e iddoo inni itti isatti dubbachuu danda'u keessa ture. Waaqayyo isatti dubbateera, egaa isa diduun hin jiru.

68 "Gaariidha, inni natti dubbatee fayyuuf akkan jiru natti himee ture, garuu amma waan isaa hin beeku, har'a waan waan rakkisaa wayiitu natti dhaga'ama"in jettu. Oo, yaa anaa! "Gaarii dha, inni Hafuura Qulqulluu akkan qabu nattihimeera, garuu yeroo tokko tokko dhugaadhumatti nan shakka" in jettu.

Filiphos sagalee Waaqayyoo sirriitti in beeke, sababiin isaa inni karaa Waaqayyoo isa qajeelaa irra waan bu'eef. Inni Waaqayyoon akks jedhee hin gaafanne, "Gaariidha, yaa Waaqayyo, ani baay'ee isaanii asitti argadheera, kanaaf asuma dhaabachuutu naaf ta'a. Isa kana raawwachuu kootiin dura yaa'ii warra buyya bulchaniitiin ilaalamuu qaba. Ddhaqee Phaaphaasiitti himuutu narra jira" hin jenne. Waa'een isa kanaa hunduu dhimma isaa hin turre. Inni Waaqayyoon dhaga'ee akkuma itti himamaetti gara lafa onaa sanaatti gadi in bu'e!

Inni namicha tokko achitti in arge, namichi xu'aashiin tokko namni Itoophiyaa, nmani bifa gurraachaa tokko macaafa raajii Isaayaas dubbisaa gad isatti dhufe. Innis,

"Waan dubbisuutti jirtu kana in hubattaa?" isaan jedhe.

Inni immoo, "Utuu namni anaaf hin ibsin akkamittan hubachuu danda'a?" jedhe.

Filiphoos konkolaataa fardaan harkifamu sana irratti ol ba'ee waa'ee Gooftaa isaa wajjin dubbachuutti ka'e.

Namichi, "Bishaanni kunooti, akkan hin cuuphamneef maaltu na dhowwa?" jedheen.

Filiphos immoo, "Garaa kee hundumaan yoo amanteef, siif in danda'ama" jedheen. Achuumaanis konkolaaticha irraa bu'ee isa in cuuphe.

Kanaaf Filiphos human du'aa ka'uu sanaan guutuu ture, hamma inni ija isaa duraa butamee dhabamuutti ga'e. Mee itti yaadaa! Qaama isaa isa du'aa sanaan, qaama isaa isa uumamaatiin, ija Xu'aashii sana duraa fuudhamee miliqfame. Inni kun dhugaa ta'uu isaa nan amana. Waaqayyo bakka kan biraatti isa geessuu danda'a, iddoo biraa lafa isa barbaadetti isa geessuu danda'a. Inni butamee fuudhamee adeeme.

69 Isa kana beekaa, yoo Kristoosiin keessa, iddoo Waaqayyoo keessa taatan, duuti illee isa isin duraa fudhachuu hin danda'u.

Asitti immoo ilaalaa, Museen isa qaba ture. Inni raajii Sagaleen Waaqayyo gara isaa dhufu ture. Baay'ee miti…meeqa Qoraahi'ootaatu isa irrati ka'anii, "Nuyi dhaabbata guddaa barbaanna. Amma isin duwwaan iddoo nama qulqulla'aa qabchuu yaalaa jirta" isaan jedhan. Waaqayyo, "Ofii keetii irraa adda ba'i, an battalatti isa nan liqimsiisaa" isaan jedhe. Daataanii fi warri hafanis isa hin rakkifne, inni akkuma itti himametti itti in fufe malee.

Museen du'ee ergamoota Waaqayyootiin erga awwaalamee booda iyyuu humni du'aa ka'uu sun isuma irra in jiraate. Waggoota dhibba saddeet booda lafa isa abdachiifame sana irra dhaabatee Yesuusii wajjin haasa'aa ture. Humni du'aa ka'uu sun amma iyyuu isarra jira. Inni egaa iddoo Waaqeffannaa isa kan Waaqayyooti.

"Maal jette? Akkamitti beekte?" Inni raajii ture. Sagalichi gara raajichaa dhufe. Inni bara sanatti sagalee Waaqayyoo fooniin mul'ateedha. Ameen.

70 Hubadhaa, isin hin duutan, isin du'aa kaafamtaniittu. Oo, Wldaan isa kana qofaa ilaaluu in dandeessi ta'ee, inni kun isa isi sichi ta'uuf jirtan miti, isin durumaan kaataniittu! Seexanatu isa kana irraa isin hatuu barbaada.

Inni, "Gaariidha, amma sittan hima, miseen isa kanaan si godha" isiniin jedha. Miseensa isa kamii ta'uuttii iyyuu dhimma hin qabaatinaa.

Isin dhalattaniittu, lammata dhalattaniittu, cuuphamuu hafuura Qulqulluutiin Kristoosiin keessatti sagalee isaa hundumaaf dammaqoo taataniittu. Hafuurri keessan, inni isin keessaa, sagalee Macaafa qulqulluu hundumaaf "Ameen" in jedha. Isa kanaan ala yoo ta'e, yoo inni sagalee tokkittiif illee mataa raasa ta'e, hafuura sana of keessaa baasuutu isin irra jira. Inni sagalee Waaqayyootiin mormu Hafuura Waaqayyoo miti. Inni sagalee Waaqayyoo in eega. Inni akka isatti amanan qofa godha utuu hin ta'in, jiraataa isa in godha. Inni Sagalee Waaqayyoo fooniin mul'inatti in agarsiisa. Eeyyee, obboo.

71 Qulqulloota kakuu Moofaa keessa turan sanas yaadadhaa. Aarsaa qalmaa isa moofaa sana dhi'eessuudhaan, isa haaraa dhufuu jiru sana abdiidhaan eeggachaa turuu isaaniitiin ilaalcha gaarii Waaqayyoon duratti qabu turan. Maatewos 27 keessatti, yeroo Yesuus Boolla du'aa keessa ka'etti nutty himameera. Innis ayyaana Faasikaa jinnee isa nuyi turban muraasa dura ayyaanessineedha. Macaafni Qulqulluun, "Awwaalonnis immoo banamanii, warri qulqulloonni dur du'an in kaafaman, isaanis awwaalota keessaa ba'anii, du'aa ka'uu yesuus booddee Yerusaalem mandara qulqulla'aatti lixanii namoota baay'eetti in mul'atan" jedha. Isaan kun maal turan? Isaan fooniin mul'achuu Sagalee Waaqayyoo isa abdachiifamee turan. Iddoon Waaqayyo itti namatti mul'atu, bakka aarsaan jiru qofaatti.

Egaa Tasaloniiqee isa duraa 4:16 keessatti, Macaafni Qulqulluun kan jedhu, warri qulqulloonni kakuu haaraa yeroo inni deebi'ee dhufutti isaa wajjin in dhufu jedha, isaanis warra isa keessatti du'aa kan'anii dammaqanii jiraniidha. Akkamittiin isa keessa jiraachuu dandeessu? Human Waaqayyoo isa ta'e Hafuuraan cuuphamuudhaan, iddoo inni itti nama arguu danda'u Yesuus keessa ta'uudhaan. Amma egaa karaan Waaqayyoof qophaa'e Yesuusi dha.

72 Amma hubadhaa, Yesuu maal akka ture sirriitti beeka! Inni ilma Waaqayyoo akka ta'e sirriitti beeka. Inni durba irraa akka dhalate in beeka. Caaffanni qulqulla'aan hunduu isa keessaan fooniin akka mul'atan sirriitti beeka. Inni isa kana mamii tokko malee sirriitti beeka, inni guyyaa sana warra mana Qulqullummaa sana ijaaraniin, "Mana Qulqullummaa kana jigsaa! Ani immoo guyyaa sadiitti deebisee isa nana dhaaba" isaaniin jedhe. Mee isa kana itti yaadaa. "Isa jigsaa, ani immoo guyyaa sadiitti deebisee isa nan ijaara." Maaliif? Sagalichi ww'ee isaatiif kan barreeffamee dha..

Daawit, "Ati iddoo lafa jalaatti ana hin laattu, isa siif of kennes ijaan iyyuu qilee akka argu hin gootu" jedhe.

Egaa, Yesuu inni jedhame sun isa ta'uu isaain beeka. Yaadi gaaffii isatti ta'u tokko illee hin turre. Sa'aatii torbaatamii lamaaf dhagni akka manca'u in beeka, sa'aatii torbaatamii lama keessaatti yeroo ta'e tokko deebi'ee lubbuun akka jiraatu in beeka, kanaaf inni, "Mana Qulqullummaa kana jigsaa! Ani immoo deebisee guyyaa sadii keessatti isa nan ijaaraa" isaaniin jedhe. Maaliif? Sagalichi waa'ee isaatiif kan barreeffame ture.Inni isaaf kan barreeffame ture, sababiin isaa inni mul'achuu sagalee Waaqayyoo isa bara sanaaf barreeffameeti.

73 Sagaleen Waaqayyoo bara kanaaf barreeffame mul'achuuf jira, mul'achuuf jira, haaleluyyaa, obboleessa koo, iddoo jiruu mul'chuuf jira. Wanti inni bara sanaaf dubbate bara kana keessas akka ta'u kan inni dubbate, isa bara sanaatiin kan wal fakkaatuudha malee waan addaa miti. Inni durumaan nutti dubbateera. Maaltu bakka isaa akka bu'u nuyi in beekna. Isin keessatti utuu inni of mul'isuu yoo argine, yoos isin Waldaa Waaqayyoo keessa jirtu jechuudha. Isa keessa hin jirtan yoo ta'e garuu ofii keessan, "Metedistii, Baaptistii," yookiin immoo waan kan biraa jettanii of waamtu, inni kun immoo gonkumaa hin hojjetu. Iddoon itti wal ga'an tokko qofaatu ture, innis Yesuus Kristoosiin keessa. Oo, har'a, Oo, har'a akkamittiin hundumti keessan isa kana arguu dandeessu, hubadhaa akkamittiin isa keessa akka galtan, cuuphamuudhaan isa keessa seenaa. Misirroon dhagna abbaa manaa isheeti, Waldaan dhagna Sagalicha isa mul'ateeti.

74 Amma egaa isin Waldaa isa kam keessa jirtu? Dhaabbilee amantii keessa jirtuu? Yoo isa kana taatan egaa amma sirriitti isinattan himaa isin Laa'odiiqeyaa dha. Garuu yoo Kristoosii keessa taatan, isin dhaloota haaraa kan taatanii fi isin warra Waldaa Waaqayyo isa jiraataa keessa kan jirtaniidha. Mul'achuu isaatiin wanti inni bara isaa keessa godhe hunduu deebi'ee bara kana keessas ta'uuf jira, waan wal fakkaataa isa gochuuf akka jiru dubbate. Innis immoo Waldaa ishee dhugaa dha. Isa keessa kan galtan immoo cuuphaa Hafuuraatiin malee, miseensummaadhaan miti, waan isa kana caaluunis miti, garuu Hafuura Qulqulluu dhaan dhagna isaatti cuuphamuu dhaan malee. Tole egaa. Inni karaa tokkicha Waaqayyo qopheessee hafuura isaatiin Dhagna isaatti akka cuuphamnuuf inni nuuf dhiiseedha.

75 Isa namoonni yeroon dinqii hojjechuu darbeera jedhan hin fudhatinaa. Wangeela Yohaannis 14:12 keessatti Yesuus, "Dhuguma dhuguman isiniin jedha, namni anatti amanu waan ani hojjedhu hundumaas in hojjeta; ani gara abbaa waanan dhaquuf kana irra kan caalu iyyuu in hojjeta" jedhe. Maaliif? Inni jireenya isaati. Inni isin keessaa daayinaamiksii fi makaaniksii isaati, isatu isin keessaa boba'ee hojii isa inni akka hojjettaniif isin abdachiise isin gochisiisa. Yookiis immoo, jireenyi koo inni isa keessaa haafuura isaatti du'aa na kaasee sanatu sagalee isaa isa ta'e makaaniksiin daayinaamiksii wajjin akka hojjetu godha. Ibroota 13: 8 keessatti, "Yesuus Kristos kaleessa isuma ture, har'as bara baraanis isuma sana" jedhe.

76 Egaa, Marqos 17:30 keessattis akkasuma in dubbata. Sirriitti dhaggeeffadhaa. Yesuus isaan kun bara dhumaa jala akka ta'aaniif abdachiiseera, inni, "Kaleessa isuma tura, bara baraanis isuma sana." Inni Milkiyaas keessatti, "Bara dhumaa jala garaa namootaa gara amantii abboota isaaniitti akka deebisu" dubbateera. Isa kana inni abdachiiseera. Inni waan gochuuf jiru Macaafa Qulqulluu keessaa bakka baay'eetti abdachiiseera. "Yeroo gabaabduu booddee biyyi lafaa deebi'ee ana hin argu, isin garuu ani waanan jiraadhuuf, isin immoo jiraachuuf waan jirtaniif na argitu, bara dhuma biyya laffaattillee akkasuma." Hubadhaa Wangeela Luqaas 17:30 keessattis ammas, "Akkuma bara Sodoomii in ta'a" jedha.

Sodoomiin keessatti waan ta'e beektuu? Kaalifoorniyaa ilaalaa; Kaalifoorniyaa qofaa miti, Amerikaas ilaalaa; Amerikaa qofaa miti, guutummaa addunyaa ilaalaa.

77 Mee ijoollee saafela maraatuu kana ilaalaa! Maaliif, isa kana…yeroo biraas isintti himeen ture, Ariizoonaa bakkan amma jiraadhutti mana barumsaa argamu keessatti qorannoo geggeessaa turaniin, ijoolleen mana barumsaa jiran dhibbeentaan saddeettamni sammuu dadhabaa qabaachuu isaanii mirkaneessaniiru. Ijoolleen kunmaal ta'uuf deemu? Dhaloota kan biraa qabaachuu hin dandeenyu. Nuyi bara dhumaa keessa jirra. Yesuus wanti kun hunduu akka dhufu dubbateera.

Mee televizhiinii fi wantoota yaada sammuu namaatiin kalaqamanii toora galan kana hundumaa ilaalaa. Nan raga, yeroon namoonni, addunyaan guutummaatti maraatuu ta'an in dhufa. Wantoonni ilaalcha namaatti jibbisiisoo ta'an, kanneen oduu duriitiin himamaa, baroota dheeraa miliyoonaan lakka'aman keessa jiraachaa turan jedhaman bakka haamatamanii turanii yaafamanii fiilmiidhaan akka mul'ifaman Macaafni qulquulluun in dubbata. Inni kun waantoota ta'uuf jiran keessaa isa xiqqaa dha. Yeroo si'ool banamee seexanni dhoksaa isaa hundumaan isa keessaa in ba'u, dubartoonni… hawaannisi rifeensa akka dubartii qabuu fi ilkaan leencaa fakkatu isa keessaa in ba'u. Maaliif, biyyi lafaa gutumaan guutuutti maraatuu in ta'u. Yeroon isaa amma miti, garuu tarkaanfiin tokko jalqabeera.

78 Oo, ulfinni Waaqayyoof, dhufaatii gooftaa Yesuusiif, isa kana isa beekuuf, Waaqayyo isa jiraataa isa nu gidduu jiruuf haa ta'u!

Yesuus Wangeela Maarqos keessatti, “Gyyaa sanatti ilmi namaa in mul'ata” jedheera. Amma hubadhaa, ilma Waaqayyoo miti. Inni maqaa ilmaa sadiin dhufe: ilma namaa, ilma Waaqayyoo fi ilma Daawit. Yeroo lafarra turetti akka ilma namaatti dhufe, inni raajii ture. Raajiin ilma namaati. Yaahween mataan isaa raajota akka Ermiyaasi fi warra hafan, “Ilma namaa, maal argita?” Yesuus akkasitti dhufeera, sababiin isaa inni akka caaffata qulqulla'aatti ilma namaa ta'ee dhufuu waan qabuuf. Museen, “Waaqayyo gooftaan keessan isin gidduudhaa raajii akka kootii isiniif in kaasa” jedhe. Kanaaf inni raajii ta'e, ilma namaa.

Garuu du'ee, awwaalamee, du'aa ka'uu isaa booda, ilma Waaqayyoo, isa hindumaa gararraa, Hafuura qulqulluu ta'e.

79 Garuu barri dhumaa sun utuu hin ga'in dura, biyyi lafaa akka sodoom akk ataatuu fi yeroo sanatti namni bifa namaa uffatee akka gadi dhufu abdachiiseera; isaan sadan keessaa lama ergamoota Waaqayyoo yoo ta'an, inni tokko immoo Waaqayyo mataa isaa ture. Inni waaqayyo ture. Macaafni Qulqulluun Waaqayyoon ture in jedha. Egaa, inni gadi bu'ee of mul'isee, yeroo Saaraan dunkaana keessa turte waan isheen dunkaana keessatti yaadaa turte Abrahaamitti hime. Inni kun sirrii dhaa? [Waldaan, “Ameen” jedhan.] Egaa Yesuus ofii isaatii, “Yeroo ilmi namaa mul'atutti,” jedhee dubbateera, karaa biraatiin, “Ilmi namaa, Hojjetaa Yesuus Kristoos” jechuu isaati.

Waldaan karaa Luuteriitiin biyya lafaa keessaa in waamamti; karaa Weesiliitiin immoo qulqullaa'uu keessa in dabarti; karaa Pheenxeqoosxeetiin immoo Hafuura Qulqulluutiin in cuuphamti; sana booda gara ilma namaatiin guutuu ta'uutti in dhufti, innis immoo yummuu haati manaa fi abbaan manaa dhgna tokkoon nama tokko ta'anii dha. Waaqayyo Misirroo issatti, Waldaa isaatti guddisee of mul'isa, hamma isaan lamaanuu tokko ta'anitti. Isaan tokko malee lama miti. Egaa garamitti akka deemaa jirru arguuf jirtu.

80 Seerrataa fi muka abboota keessaniitti hin qabaminaa. Isan bara isaaniitii gaarii turan ta'uu danda'a, garuu biqilichi amma daraareera. Yeroon kun yeroo ija godhachhti. Inni kun sirriidha.

Yesuus wantoota kana abdachiiseera. Egaa yeroo waaqayyo isa nu abdachiise jiraataa ta'uu isaa arginuttii fi nu keessa jiraachuu isaa arginutti, yeroo hafuurri isaa nu keessa jiraachuu isaa arginutti; karaan Waaqeffanna isa kana qofaadha, iddoon waaqeffannaa isa kana qofa, karaa dhugaan tokkichi itti waaqeffatan isa kana, “Egaa amma firdiin, warra Kristoos yesuusutti qabamanii jiraatanitti faradamu tokko illee hin jiru.” Waaqayyo kakuu nuuf gale. Yesuus, “Wanta ani hojjedhu hundumaa isin in hojjettu” jedhe. Kunis wanta inni bara dhumaa kanatti hojjetuudha. Gara kana keessa akkamitti dhufa, guyyaanis ifni hin jiru dukkana limixii in ta'a, garuu akkas jedheera, “Gaafas yeroo galgalaa'u ifatu ta'a.”

81 Aduun bahaan baatee dhihaan lixxi. Aduudhuma sanatu bahaan ba'ee dhihaan lixa, qaroominni ishee waliin tarkaanfataniiru. Qaama bishaanii sadiin, cuuphaa bishanii sadiin tarkanfataa ture. Oo, eeyyee, Eshiyaa irraa gara Awurooppaatti; Awurooppaa irraa gara

Ingiliziitti; Ingilizii irraa gara Amerikaatti bifa kanaan adeemsifame.

Amma egaa kallattiidhumaan duuba deebinee, as West koost iddoo cubbuun nama hokkolchiisu tuullaa tuullaadhaan kaa'ametti deebinee, as taa'aa jjirra. Warri fiilmii fi diraamaa televizhiinii irratti dubartii dhungatan kun sammuu shamarran xixiqqoo hadhaa isaaniitiin tuqaa jiru.

82 Dhiiri dubarii tokko yoo dhungate, seerri fuudhuuf akka isa dirqisiisu beektuu? Salphaadhumatti kan gochuun hojii saal quunnamtiiti. Inni kun sirrii dha. Saal quunnamtiin maali? Xannachi dhiiraa fi xannachi dhalaa hidhii isaanii irra jira. Yeroo xannachi dhiiraa fi dhalaa walitti dhufu, kun saal quunnamtii jedha.

Hooliiwuudi irratti ilaalaa, durba xixiqqoo iddoo bashannanaa ciisanii ijoollee dhiiraa wajjin walirra gangalatan ilaalaa, hamma gareedhaan sirbuuttille ga'aniiru. Warra akka Elviis Presleeyiin faa qabna bara ammaa, kun maqaa Amerikaa isa abboonni keenya lolanii itti dhiiganii du'aniif qaanii dha.

83 Garuu yeroon itti mootummaan hunduu kan isaa ta'u dhufaa jira, sababiin isaa mootummaan Waaqayyoo laphee namootaa keessatti cuuphaa Hafuura Qulqulluu fi isaan keessa jiraachuu Yesuus Kristoosiin dhaabbachuuf jira waan ta'eefi. Yesuu gara Misirroo isaatii dhufee mootummaa isaa isa dhabamsiifamuu hin dandeenye in hundeessa. Gara mootummaa kanaatti akkamittiin galuu dandeessu? Isa keessatti dhalattaniittu. Isa kana akkamittiin beektu? Isin isa eegdanii… Mootummaa sana keessa jiraattanii akkamittiin Mootii wajjin walii galtee dhabdu? Hubadhaa, ta'uuf kan jirtan… Kanaaf Mootiin Sagalicha. “Sagalichi jalqaba waan hundumaa dura ture; sagalichi Waaqayyo bira ture; sagalichi ofii isaa Waaqayyo ture. Sagalichi nama foonii ta'ee, nu gidduus buufate. Kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana.”

Inni ilma namaa ta'uu isaa akkamittiin baran? Inni namoota isa duukaa turan keessa ilaalee, waan isaan garaa isaaniitti yaadaa jiran bira ga'aa waan tureef. Inni kundhugaa akka ta'e in beekna. Inni har'as isuma sana. Isa kana in amantuu? [Amantoonni, “Ameen” jedhan.]

84 Biiliin kaardii kadhataa isinnif hireeraa? Wanti ani isa gaafachuu irraanfadhe isa kana. Kaardii kadhataa isiniif kenneeraa? [Amantoonni, “Eeyyee” jedhan.

Isinittan himaa. Waaqayyo isa ani amanetti, isa nu abdachiisee Waaqayyoon ta'uu isaa nuuf mirkaneessuu danda'uttii fi kophaa isaa waltajii kana isa qabatuttii amantii qabaadhaa. Abdii Sagalee Waaqayyo isa jiraataan kenne fudhachuuf kaka'umsatu natti dhaga'ama. As ilaalaa mee waan isinitti agarsiisaa. Innis human du'aa ka'uu isa nuyi shaakaluuf jirruudha. Mee isinattan agarsiisa. Meeqan keessantu human du'aa ka'uu sana argadheera jerranii amantu? [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Gaariidha, egaa yeroo harka keessan dhukkubsataa irra keessan maal ta'u?

85 Barttoonni guyyaa pheenxeqoosxeetti yeroo human du'aa ka'uu sana argatanitti, isaan maal godhan? Isaan deemanii harka isaanii dhukkubsataa irra kaa'an; isaanis in fayyan. Maarqos 16 keessatti Yesuus, “Harka isaanii warra dhukkubsatan irra in kaa'u, isaanis in fayyu” jedhe. Barri ergamootaa hammam ture? “Gara biyya lafaa hundumaa dhaqaa! Uumama hundumaattis Wangeela lallabaa! Warra anatti amanan biratti milikkitoonni kun in argamu; harka isaanii warra dhukkubsatan irra in kaa'u, isaanis in fayyu” isaaniin jedhe. Inni kun humna du'aa ka'uu isa Eliyaasii fi Elsaa'i keessa tureen wal fakkaata. Humnuma isa kanatu qulqullota warra du'aa kaasaa turan keessa ture. Humni du'aa ka'uu sun yoo nu keessa jiraatee warra dhukkubsatan irra harka keenya keenye, isaan in fayyu.

86 Asitti nan yaadadha, waa gargar baasuu kana caalaa hamma dhiisuuutti yeroon ga'e calliseen harka koo dhukkubsataa irra kaa'a. Isa kana yaadachaa kanan ture, yeroo wantoonni ani gonkumaa… karaa biraatiin tokko sadaffaa namootaallee hin arganne. Haala kanaan, waanan takkaa hojjedhee hin beekne dabalataan argachaa dhufe. Kanaaf irree Waaqayyoo jala of galcheen, “Yaa Waaqayyo gooftaa, isa kana abdachiifteetta. Inni kun kakuu keeti; kan koo miti, kan keeti malee, kanaaf isa kana akka gootu nu abdachiifteetta. Isa kana immoo utuu ati gootuu argeera. Kanaaf isa kana akka gootuuf sin amana, sababiin isaa ani dhagna kee fi Hafuuratti cuuphameera inni kun dhugaa ta'uu isaa akkan adda baafadhuuf” jedheen kadhadha. Ameen. Inni kun iddoo waaqeffannaati. Erga iddoo sanatti galtanii booda, “Wanti hunduu in danda'ama.” Sana booda isin iddoo sochiin keessa, kaayyoon keessanii fi argannoon keessan dhugaadhumatti Waaqayyoon keessa ta'etti galtu. Yeroo isin amantiidhaan harka

keessan irra keessan inni in raawwata. Isa kana in amantuu? [Amantoonni, “Ameen” jedhan.]

87 Nan amana, kaardiin kadhataa tokko, yookiin wanti biraa tokko utuu hin waamamin dura Waaqayyo inni hundumaa danda'u waan isi keessa jirtan, waan gochuun isin irra hin jirree fi waan gochuun isi ieea jiru natti himuu danda'a. inni kun egaa kaka'umsa fudhachuudha, inni kun sirrii akka ta'e nan beeka, Waaqayyo dhugaadhumatti isa kana akka goonu nurraa in eega. Isa kana in amantuu? [Waldaan, “Ameen” jedhan.] Meeqan keessantu Waaqayyo yoo isa kana godhe amantu? “Ameen!”

Namoota fuula koo dura taa'aa jiran kana keessaa namni ani beeka jedhee yaadu, yookis namni ani argee beeka jedhu hin jiru. Meeqn keessantu waliif keessummaa akka taane beeka, harka keessan ol baasaa. Waa'ee keessan waa tokko illee akkan hin beekne warri beekatan harka keessan ol qabaa. Warri as jirtan hundinuu, ani waa'ee keessan waa tokko illee hin beekne, bakkuma hundaati jedheen tilmaama, keessaumaa as gubbaa kana. Tarii namoonni kan biroon… Ani isaan hin beeku. Harka isaanii ol hin baafne, garuu maalumaafuu ani isaan hin beeku. Nan amana Richard Bileer as taa'aa jira. Inni kun sirrii akka ta'e nan amana. Nan danda'a… gooda sanatii in dukkanaa'a. karaa kanaan ifatu jira. Natti hin mul'atu.

88 Garuu as ilaalaa, ani isinitti himuuf nan yaala. Innis yeroo humni du'aa ka'uu sun isin keessa dhufu inni Yesuus Kristoosi dha. Yeroo Yesuus dhukkubsattoota irra harka isaa kaa'etti isaan in fayyan.

Yesuus huna du'aa ka'uu qaba ture sanaan yeroo isa kaasetti, akka namaatti gara isaanii ilaalee yaada garaa namootaa isaanitti himaa ture, waan isaan yaadaa turan, waan isaan hojjechaa turan isaanitti himaa ture. Dugda isaa isaanitti galagalchee waanuma wal fakkatu duchaa, “Garaa keessan keessatti maal yaadaa jirtu?” isaaniin jedhe. Yeroo dubartittiin shaashara wayyaa isaa tuqxe, “Eenyutu na tuqee?” jedhe. Of duuba ilaalee yeroo ishee argetti, “Humni fayyisuu na keessaa ba'eera. Amantiin kee si fayyiseera” isheedhaan jedhe. Inni Yesuus Kristoosi dha. Inni kun Waldaan eessa akka ta'ee fi humni fayyisuu Waaqayyoo dhala namaaf maal akka godhu in mirkaneessa. Isa kana in amantuu? [Waldaan, “Ameen” jedhan.]

Mee yeroo xiqqoodhaaf mataa keenya gadi qabanna.

89 Yaa Waaqayyo Jaallatama, waaree kana booda nuyi guddistuu sagalee kana irratti seexanaan wal lolaa turre, namoonni tarii walakkaa ergichaa akka hin dhageenye in beekna. Sagalee keenyan dha'ee deebi'uun… Garuu, waan jedhamuuf male Hafuurri qulqulluun isaaniif akka kennu sin kadhadha, yaa Waaqayyo, yaa Gooftaa, namoonni kun nuyi warra abdii du'aatiin deddeebi'an akka hin taane haa argan. Yaa Waaqayyo, nuyi amma warra jiraatoo dha, nuyi warra humna du'aa ka'uu Kristoosiin kaanee dha. Jesuus kristoos nu keessa jira, isa kana in amanna, yaa Gooftaa.

Nuyi ulfina ofii keenyaa waan jennu tokko illee hin qabnu. Akkuma gaara ulfina qabeessa sanaa, iddoo hundumti keenya bakka itti buufamnu sanatti Musee isa du'ee deebi'ee kaafametu ture; Eliyaasis tureera, kun sadarkaa Qulqulloonni bara dhumaatti irra ga'aniidha. Oo, isaan yeroo sanatti of duuba galaglanii Yesuusiin qofa argan. Nuyi in beekna yaa gooftaa, namoonni akka nu ilaalan hin barbaannu. Nuyi isa kanaaf miti kan as dhufneef, waan kana caaluuf malee.

Garuu, yaa Gooftaa, yesuus nu gidduutti yoo ulfeeffame lapheen keenya in gammaddi; kunis immoo yeoo ulfeeffamuu isaa arginutti, yeroo sagalee isaa arginutti, inni sagalee Waan ta'eef; yeroo isa arginee Macaafa Qulqulluu keessaa dubbifachuu dandeenyutti, kunis immoo iddoo inni akkagodhuuf kakuu nuuf galeedha, yeroo sanatti egaa hojiin isaa nu keessa jiraachuu isaa in argina. Oo, yaa Waaqayyo, akkam gadi of qabnee nu gidduu jiraachuu isaa akka beeknu…

90 Nuyi Quunnamtii waan biraa hin goone, yookiin Walii galtee kamiin iyyuu hin qabnu. Yaa Gooftaa, nuyi jireenya bara baraatti amanne. Ati immoo cuuphaa Hafuura Qulqulluutiin nu mallatteessitee, dhagna keenya du'aa kaaftee, Hafuur dadammaqsitee, mul'ata akka arginuuf, raajii akka dubbannuuf, afaan haaraa akka dubbannuuf, dinqiif imilikkita gurguddaa akka hojjennuuf du'aa nu kaafte. Sababiin isaa ati Waaqayyo isa jiraataadha. Nuyi immoo dhgana sana keessa jirra. Biyya lafaa warra gowwootaaf badiisa yummuu ta'u, nuyi warra humna Waaqayyotti amaneef immoo jireenya bara baraati. Isa kanaaf si galateeffanna, yaa Abbaa.

Yaa gooftaa, mee har'a nutty haa beekamu Waaqayyo ta'uun kee, sagalee dubbatte, isa dubbatte akka hin jijjiirre haa beeknu. Ati isa kaleessa ture, har'as bara baraanis isuma sanaa fi karaa Waaqayyo qpheesse isa tokkicha dha. Namni Waaqayyo yeroo hundumaa maqaa isaa irra kaa'ate ilma isaa isa tokicha isa maqaa isaa baate Yesuusu dha; innis immoo, Waaqyyo dha, Yaahwee dha, fayyisaa dha, Amaanu'eelidha, balbala gola hoolotaatti ittiin ol galaniidha; isa ture, isa jiru, deebi'ees kan dhufu dha; hiddaa fi sanyii daawit; Bakkalcha barii, Arfaasee dacha keessaatis. Oo, yaa Waaqayyo, kun akkam dinqiidha! Inni Isaayaas akkas jedhe nama hin dhibuu, “Gorsaa, Dinqii, Waaqayyo jabaa, Abbaa bara baraa, Angafa nagaa” kan inni jedhe. Oo, nuyi Abbaa kan biraa hin qabnu si malee, yaa Gooftaa. Ati Abbaa keenya. Ati Haadha keenyas. Ati Waan hundumaa keenya, Ati Waan nuyi taanu hundummaa dha. Nuyi homaa tokko iyyuu arguu hin barbaannu ulfina Yesuus malee!

91 Yaa Abbaa, ani galgala kana waa tokko illee of harkaa hin qabu, ati na dura bu'iitii naaf dhaga'i, yaa Waaqayyo Jaallatama. Mee har'a, guyyaa kanatti, yesuus Kristoos ulfina argateera mana Qulqullummaa kana keessatti haa jedhamu. Maqaa isaatiin waan si gaafanneef, yaa Abbaa isa kana nuuf raawwadhu, ani gadin jedhaa hafuurri kee namoota kana keessa haa socho'u. Ameen.

Amma waan tokko akka naaf gootan nan barbaada. Gaaffii kabajamaa tokkon isin gaafachuu barbaada. Deebii yeroo xumuraatiif nama kamiif iyyuu deebiftanii hin beekne akka naaf deebiftanin barbaada. Inni dubbachaa turre dhugaadha jettanii in amantuu? [Waldaan, “Ameen” jedhan.] Waldaan yookiin dhaabni amantii Waaqayyo keessa jiraachuu isaatiif beekkamtii qaban akka hin hin jirre in amantuu? Isa kana in amantuu? [“Ameen.”] Tokko iyyuu hin jiru. Warra Yesuus Kristoos keessatti dhalatan qofaatu maqaa isaa uffachuu danda'a! Inni kun sirrii dha.

Isin maqaa isaa kan uffattan yeroo isa keessatti dhalattanii dha malee cuuphaa bishaaniitin miti. Maqaa isaatiin yoo cuuphamamtan iyyuu inni kun maqaa isaa isinitti hin uwwisu. Maqaa isaa dhalootaan uffattan malee bishaaniin miti. Hubadhaa, isin maqaa Yesuus Kristoosiin duuka buutota taananii cuuphamtan, eeyyee, obboo; garuu Hafuura Qulqulluudhaan Yesuus Kristoos keessatti cuuphamtan. Kanaaf yeroo dhibbaatama akka barbaaddanitti cuuphamuu dandeessu, karaa biraatiin, inni kun garaa garummaa kamiinuu fiduu hin danda'u. Garuu yeroo al tokkicha Hafuura Qulqulluudhaan Dhaqna Kristoos keessatti cuuphamtan, intalootaa fi ilmaan Waaqayyoo taatanii, “Sagaleen isaa hunduu dhugaa!” kanaaf, sana booda, inni isa akeekaaf godhe.

92 Akkuman yero biraa dubbadhe, yeroo Waaqayyo socho'ee aduu biyya lafaa hundumaa irraa dha'etti, mukti ejersaa sunii fi wantoonni biroon laficha irratti akka kukkufan inni beeka. Inni… Isaan qaama lafichaa keessaa tokko turan yeroo sanatti, isinis akkasuma turtan.

Yeroo inni ilma guyyaa faasikaa ganama ilma Waaqayyoo kaasee, itti aansuun HAfuura Qulqulluu ergetti, akkasumas inni sanyicha gara jireenya bara baraatti du'aa kaasuuf ture, isa kana immoo inni dursee uumamuu biyya lafaatiin dura inni kun asitti ta'uu isaa beeka. Inni guddistuun sagalee kun galgala kana akka kanatti hojjechuu isaa dursee beeka. Ilaalcha isin qabdan inni dursee beeka. Inni dhuma kan hin qabnee dha. Yaada sammuu keessaniitiin bira ga'uu hin dandeessan, akkuma jirutti fudhachuutu isin irraa eegama. Garuu Waan tokko jechuun barbaada, galgala kana Waaqayyo isuma sanatu, as saba isaa gidduu dhaabatee jira.

93 Metedistii, Baaptistii, Pheenxeqoosxee, Waan kamiin yoo taatan iyyuu, dhaabbata kamitti iyyuu hin amaninaa. Sababiin isaa, hin danda'amu dhaabbata ta'anii… Doktiriinii garaa garaa baay'ee irraa kan hundeeffameed dha. Inni kan hundeeffame… isin Waaqayyoof nama dhuunfaa ta'uutu isin irraa eegama. Nama dhuunfaa ta'uu qabdu. Waaqayyo dhimma isin irraa qaba malee, Waldaa keessan irraa miti. Isin Waldaa yookiin mana sagadaa keessatti sagaddan keessatti jireenya qajeelaa jiraachuu qabdu, jireenya qajeelaa akkasii jiraachuu qabdu. Garuu hubadhaa, isaan seeraa fi waan biro kan ofii isaanii baasanii, yoo isatti amantan malee balbala isaaniitti iyyuu isin hin butan. Kanaaf Waaqayyo yeroo hundumaa eessatti argama, iddoo sagaleen isaa walitti fufiinsaan mul'atuttii?

94 Bara sanatti Luuter akkamittiin beekee cuuphaa fi hafuuricha iddootti deebise? Mukichi akka sanatti hin guddanne. Wesiliinis isa kana hin beekne. Warri Pheenxeqoosxees Waan har'a raawwataa jiru kana beekuu hin dandeenye. Isuma sanatu

isin keessaa guddachaa jira. Inni kun sirrii dha. Bara hundumaa keessa tureera, sichittis in ta'a.

Barri kun bara qamadii ta'uu isaa Macaafa Qulqulluudhaan isiniif mirkaneessuu nan danda'a. Yaadadhaa, kaka'umsa guddaa kana booda… erga Pheenxeqoosxeetii dhaabbanni amanatii tokko iyyuu hin kaane. Ta'uu hin danda'u. Qola irraa gara qamadiitti yeroo deemtan midhaan malee homtuu hin jiru. Sababiin isaa isa kana. Waaggaa kudha shaniif… Kaka'umsa haaromsaa booda yeroo baay'ee waggaa sadii booda foxxoqanii dhaabbata kan biraa hundeessu. Warra seenaa gaafadhaa. Garuu kana booda dhaabbanni kan biraan hin jiru. Isaan bokkaa guyyaa boodaa sana kaasuu yaalanii turan, garuu maal akka isaan ta'an argitaniittu. Ta'uu hin danda'u. Inni amma kun Qamadii dha. Eeyyee, obboo. Kana booda baattuun hin jiru. Inni kun ija midhaanii isa dhugaa dha. Kristoos saba isaa gidduu jira. Isa kana in amantuu? [Waldaan, "Ameen" jedhan.]

95 Mee asii, gara gadii kanaa irraa haa jalqabnu. Baay'ee waan taataniif achitti isin arguu hin danda'u. Meeqan keessantu hojjetaa isaa ta'uu kootti amantu? [Waldaan, "Ameen" jedhan.] Waaqayyo irraa amantii qabaadhaa! Ol gubbaa sanaa nama meeqatu haaluma wal fakkaatuun, "Onnee koo guutuu dhaan nan amana" jedha? ["Ameen."] Waaqayyo gooftaan isa kana nuuf haa dhaga'u, humna du'aa ka'uu sana arguu akka dandeenyuuf. Raga qabatamaan isa kana mirkaneessu wayii jira.

Eeyye, namni, "Oo, inni kun isa kana, inni kun isa kana" jechuu danda'a. Garuu mee inni haa hojjetu.

Amma egaa, guutummaadhumatti waa'ee keessan wanti ani beeku hin jiru. Isa kana isinuu beektu. Isin hin beeku, garuu naman beeku, Reverd Bleer kuunnoo achi taa'aa jira, nan amana gara bahaa kantti yookiin gara Arkansaas kanattin isa beeka. Namni ani as keessaa beeka jedhee yaadu isa qofaa dha. Kun dhugaa ta'uu isaa immoo Waaqayyo beeka. Kanaaf ta'uun kan irra ture…

96 Gama sanaan, gara dhumaatiin mucaa durbaa rakkina hafuuraa qabduuf utuu isheen kadhattuun arga. Waaqayyo rakkoo Hafuuraa ati qabdu akka siif sirreessuuf isatti in amantaa? Tolee egaa, fudhachuu dandeessa.

Harka kee mucaa durbaa si bira taa'aa jirtu irra kaa'i, sababiin isaa rakkoo garaachaa qabduuf akkuma kee kadhaa waan jirtuuf. Eeyyee. Sirrii dha mitii obboleettii? Dhugaa yoo ta'e harka kee ol qabi. Ani si hin beeku, jireenya koo keessatti si argee hin beeku. Shamarran bifa lamaa.

Amma egaa inni kun maali? Dhugaa dhumatti waan inni nana godha jedheen wal hin fakkaatuu? [Waldaan, "Ameen" jedhan.] Dhugaa dha akkuma sanatti.

Mucaan durbaa tokko jirta, goda sanaan teessee gara koo ilaalaa jirti. Isheen rakkoo onnee qabdi. Waaqayyo rakkoo onnee akka fayyisu in amantaa? Achi teessee, "Utuu nana fayya ta'ee" jettee kadhachaa turte. Inni kun sirrii dhaa? Akkasitti harka kee sosochoosi, sirrii goote. Waan ati jettee kadhachaa turte akkamittan beeke?

Hubadhaa dhugaadhumatti amanaa. Wanti isain gochuu qabdan yoo jiraate amanuu qofa.

97 Shamarreen tokko as keessa teessee jirta, yoo in fayyitu ta'e intalli kun in duuti. Isheen Kaanserii qabdi. Waaqayyo Kaanserii akka fayyisu in amantaa? Eeyyee. In amantaa? Sii, suuta jettee harka kee kan ol qabaa jirtu sun, Waaqayyo eenyuun akka taate akka natti himu in amanataa? Durbee Gaan. Amma egaa, kun dhugaa dha yoo ta'e harka kee akkasitti sosochoosi. Tole egaa. Mana keetti gali Yesuus Kristoos si fayyiseeraa.

"Nama amanuuf wanti hunduu in danda'ama."

Dubartii koffiyyaa gurraacha uffattee gara koo ilaalaa jirtu sana dha'eera. Isheenis kaanseriidhaan rukutamteetti. Waaqayyo akka si fayyisu in amantaa? Laphee kee guutuudhaan ina amantaa? Aadde Miileriinana jechaa jira. Isa kana in amantaa? Dubartii kana jireenya koo keessatti raawwadhee argee hin beeku, Waaqayyo waaqa irraa isa kana dhugaa ta'uu isaa in beeka. Ameen.

"Naman amanuuf!"

Kuunnoo dubartiin magaalli gara dhumaatiin mataa gadi buuftee taa'aa jirtu jirta. Isheen waa qo'achaa turte, isheen waa'ee nama jaallattuu dudubbachaa turte, nama

jaallattuuf kadhachaa turte. Isheen dhugaadhumatti kadhannaadhaaf dhuftee… isaaf kadhachuudhaaf. Inni as hin jiru, abbaa manaa isheeti. Inni kun sirrii dha. Isheen… Inni as hin jiru. Inni mana jira. Inni yaala baqaqsanii hodhuu godhateera. Hin godhannee? Inni kun sirrii dha. Inni rakko funyaan keessaatiin rakkachaa ture. Kun dhugaadha. Akkas mitii? Inni fayyuu deema. Amantii kee isa kanaaf jabaa dha. Inni kun dhugaa ta'uuf akka jiruuf in amantaa? Ameen.

98 Yesuus Kristoos kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana ta'uu isaa arguu hin dandeessuu? Saba kana gaafadhu. Saba kana hundumaa biratti dhaga'ameera. Inni as jira jettanii in amantuu? Humni du'aa ka'uu sun isin keessatti in dhaga'amaa? Gaariidha, inni isin fayyise Waaqayyoo dha, firoota koo. Isatti in amantuu? [Waldaan, "Ameen" jedhan.]

Amma waan tokko naaf in gootuu? Namni dhukkubsataan meeqa akka jiru akkan arguuf mee harka keessan ol qabaa. Amma sa'aatiin kudha tokko ta'uuf jedhe. Harka keessan walii walii keessan irra kaa'aatii… Amma waan tokko iyyuu hin dubbatinaa, cal'isaatii harka keessan wal irra kaa'aa. Waa tokko gochuun barbaada.

99 Nan jedha namicha dugda isaa irratti waa biqilee jiru sanaan. Isa dugda kee irratti biqile Waaqayyo akka balleessuuf in amantaa? Waaqayyo akka si fayyisuuf isatti in amantaa? Dargaggeessa nana, gara koo ilaalaa akka waan du'uuf ka'eetti yaadaa jira. Harka kee ol qabi. Sirrii dha. Laphee kee guutuu dhaan amanteetta, Waaqayyo sirraa fuudha.

Haaleluyyaa! Maqaa yyesuus Kristoosiin walga'ii kana nan raasa! Hamma dandeessanitti, yoo… yaada keessan amanuu diduudhaan hin waxalinaa, dalga isinitti hin galin. Ilma namaa argaa hin jirtanii, ilma namaa ergaa raajummaa of harkaa qabu, Yesuus Kristoos kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana ta'uu isaa mul'isee agarsiisaa? Inni kun baroota keessa gonkumaa ta'ee hin beeku, hamma guyyaa ha'aatti. Hubattanii? Isa kana kan mirkaneessutu jira.

100 Waldaan maali? Akkamittis immoo isatti ol galtu? Isa keessa yoo jiraattan, waan Yesuus Kristoos ture hundumaa in taatu, kana irra darbee ilmaanii fi intaloota Waaqayyoo in taatu. Inni isin ta'ee dhufe, isinis isa akka taataniif.

Wanti jiru garuu isin isatti fayyadamuu sodaattu, yookiin immoo sagalee isaa wajjin wal ta'uu dadhabdau. Inni kun waan gaarii tokko illee waan hin gooneef, waan isin gootan kanattii ani dhimma hin qabu. Yoo guutummaatti gara sagalee isaatti hin dhuftan ta'e, inni isiniif hin raawwatu. Eeynyutu na yakkuu danda'a inni bara kanaaf waan tokko abdachiisee utuu hin raawwatin hafe jedhee? Kanaafuu, garee amantii keessanii natti hin darbatinaa, sababiin isaa inni hin hojjetu.

Haaleluyyaa! Nan beeka, as akka inni jiru natti dhaga'ama. Dhugaa dha inni as jira. Amma humni du'aa ka'uu namoota as jiran kana fayyisuuf Waldaa keessa guutee akka jiru nan beeka. Amanuu in dandeessuu? Garii dha, yoos, in gootuu?

Dhukkubsattootaaf kadhachuutti in amantuu? Isa Yesuu, "Isaan harka isaanii dhukkubsattoota irra in kaa'u, isaanis in fayyu" jedhe in amantuu? Tole egaa, harka keessan walii walii keessan irra kaa'aa amma. Ofii keessaniif hin kadhatinaa, nama isin bira jiruuf malee. Isaan isiniif kadhachaa jiru. Callisaatii yaada kadhataa keessa gala.

101 Yaa gooftaa, waltajjii kana irra dhaabadhee sagalee kee isa yaada namoota bara kanaatiin faallaa ta'e, isa isaan hamma "Oduu duriiti" jechuutti ga'an, isa isaan hamma "Dhaamsa ekerrati" jechuutti ga'an, isa isaan "Hafuura hamaa dha" jedhan, akkuma kanaan dura "Bi'eel Zebuul" jedhan sanaa lallabuu kootiif sin galateeffadha. Garuu wal ga'ii guddaa kana keessatti galgala kana, duuba deebitee argamuudhaan waan lallabamaa ture nuuf mirkaneessiteetta, inni kunis immoo dhugummaa isaati.

Yaa Waaqayyo isaan kun saba keeti. Seexanni guddiftuu sagalee kana jeequuf yaalee ture, inni yaada namootaa hatuuf yaalee ture, isa kana akka isaan hin arganneef isaan qabaa ture. Garuu, waan hundaafuu akka isaan argatan nan amana, yaa Gooftaa. Akka isaan argataniif sin gaafadha. Akka isaan fudhataniif isin kadhadha, yaa Gooftaa, amantoonni kun humna du'aa ka'uutiin yeroo…Yeroo dhufaatii keetiitti lubbuudhaan hin jiran ta'e, humni du'aa ka'uu kee bara dhumaatti isaan in kaasa.

Ammaa jalqabee humni du'aa ka'uu kee du'aa amantii isaaniitii in kaasa, yaa gooftaa, isa kana nuuf raawwadhu. Amanaa harka isaa amanaa kan biraa irra kaa'etu, dgagna dhagna irra kaa'etu, humna humna irra kaa'etu jira. Innis immoo humna

Waaqayyootu ilma waaqayyo yookiin intala Waaqayyootiin ilmaan Waaqayyoo irra jira. Oo, yaa Waaqayyo tarii seexanni fayyina saba kanaa akka hin dhabsiifne! Galgala kana humna du'aa ka'uu keetiin, humna isa jiraataa adda ba'e Yesuus KRistoosiin haa fayyan. Maqaa Yesuus Kristoosiin kan raawwate haa ta'u!

102 Harki isin namoota irra keessan humna du'aa ka'uu sana isaaniif argamsiiseera, yoo isinis humnicha argattaniittu ta'e. gara jireenyaatti dhuftaniittuu? Dhugaadhumatti Yesuus gara keessan dhufeeraa? Humni waaqayyoo mul'ateeraa? Waldaa Waaqayyo qopheesse sana keessa jirtuu? Fayyummaan keessan akkam isa keessatti, akkamittiin isa keessatti du'aa ka'uu keessan beektu? Guutummaan yaada keessanii, guutummaan jireenya keessanii amma Kristoosiin keessa dha. Kristoos jiraachuu isaa mirkaneessuuf saba isaa gidduu jira, jiraachuu isaa bara sodoomii kana keessa mikaneessuuf as nu gidduu jira.

Harka namoota kanaatiin jireenyi warra karaarra deddeebi'anii, warra machaa'anii, warra karaa irratti ejjanii gara qulloota dhugaatti jijjiiramee, du'aa ka'aniiru. Harki isaanii sirra bu'ee jira. Isin cuuphaa Hafuura Qulqulluutiin, humna Eliyaas irra ture sanaan Waldaa Kristaanaa keessa jirtu. Humnichumatu saggoo keessan irra, harka keessan irra, mataa keessan irra jira; innis huma du'aa ka'uu sana. Humna sanaan as isin bira dhaabatee du'aa ka'ee lubbuun jiraachuu isaa isiniif mirkaneessaa jira, lubbuun akka jiru isinitti agarsiisaa jira, kunoo asitti waanuma dur hojjechaa ture sana…?... Ameen!

103 Amma isa in amantuu? Harki isin irra jiru harka Waaqummaa akka ta'e in amantuu, Hafuuricha amma du'aa nu kaasuu akka danda'u in amantuu, biyya lafaa keessatti akka maraatuu nu gochuu akka danda'u in amanatuu, inni humna du'aa ka'uu ta'uu isaa in amantuu? Waldaa isaa keessa jiraachuu keessan in amantuu? Erga akkas ta'ee, erga harki isin irra kaa'amee jiru kun harka qulqulluu ta'uu isaa amantanii ani Waaqayyoon abboomamee isinan abboomaa, maqaa Yesuus Kristoosiin namni dhukkubsattan hundinuu kaatanii fayyina akka fudhattaniif isinan abbooma.

Oo, Kristaanotaa, jijjiiramni argitan isin hin ajaa'ibnee?

Har'a karaa gama sanaa irratii namoota miliyoonaan lakkaa'aman argitanii dinqisiifattaniituu, innis homaa miti garuu galabaa atoomawaa ta'uu isaa hubattanii? Namoonni sun cubbuu fi irra daddarbaadhaan du'unii jireenyi isaanii gurraacha'uun isin hin ajaa'ibuu; isaan Waldaa keessatti guutummaa sagantichaatti barumsa xiqqoo wayii barsiisanii seera wayii eeguudhan dhaaba amantii jedhanii of waamu.

104 Du'a irraa gara jireenyaatti kaafamtanii gara dhagna Waaqayyo isa jiraataa, isa dhagna keessan du'aa kaaseetti cuuphamtanii, afaan haaraa dubbachaa, isa deubbattanis hiikaa, Yesuus Kristoos nu gidduutti mul'achuu isaa akka arbitan hubattanii? Maaliif, dhukkubsataan akkuma kana dhaabachuu hin danda'u. mee amantiin keessan gara isaa haa dhaqu, isa amanaa! "Yaa Waaqayyo Gooftaa, ani laphee koo guutuudhaan sin amana," ati immoo na fayyisi jedhaa.

Cubbamoonni gara dhagna sanaatti dhufuu barbaaddan jirtuu? Harka keessan ol baasaatii akkas jedhaa, "Ani amma iyyuu gara isaatti hin dhufne, ani Hafuura Qulqulluutiin raawwadhee hin guutamne, garuu obboleessaa koo Branhaam, ani dhugaadhumatti galgala kana nan fedha. Anaaf in kadhattaa?" jedhaa. Harka keessan ol qabaa. Jiraachuu isaa keessa waan jirtaniif, hin qaana'inaa. Sirriitti harkicha ilaalaa! Harkicha ilaalaa!

Namoonni cuuphaa Hafuura Qulqulluu barbaaddan hunduu harka keessan ol qabaa, bakka kamiin iyyuu taa'aatii warri isa barbaaddan harka ol qabaa.

105 Amma warri Hafuura Qulqulluu argattan, warra isin bira dhaabatee jiru irra harka qulqulluu fi eebbifamaa keessan isaan irra kaa'aa. "Hafuurri Qulqulluun inni Yesuus Kristoosiin du'aa kaase yoo isin keessa buufate, inni dhagna keessan isa du'e du'aa gara jireenyaatti in kaasa." Inni dhagna keessan hundumaa gara isaaf abboomamuutti in fida. Amma hundumti keenya mataa keenya gadi qabannee warra cuuphaa Hafuura Qulqulluu barbaadan kanaaf haa kadhannu. Ani nan amana, waaqayyo ammuma kana Hafuura Qulqulluutiin isin in guuta.

Firoota koo, maal eegaa jirra? Guyyaa kana yeroo dheeraadhaaf eegaa turtan. Yerichi ammuma. Kana caalaa hin eeginaa. Isin mana Qulqullummaa iddoo halkanii fi guyyaa kadhaannaadhaan itti dabarsitan argattaniittu.

Yaa Waaqayyo jaallatama, Hafuura Qulqulluu ammas akka bubbee jabaa bubbisuutti akka ergitee mana keessa akka guuttu, erga guutuu ta'uu kee galgala kana adda baafanee booda, ati jiraataa fi saba kee gidduu kan jiraattu ta'uu kee akka mul'iftu sin kadhadha. Maqaa Yesuusiin. Ameen.

www.messagehub.info

Kan Lallabame

William Marrion Branham

*"... bara malaakanni afuufamutti..." Mul. 10:7*